



## Qajeeltoo kennanii fudhachuun fedhii ulaa galaanaa milkeessuu

Gammachuu kadiriin

Fedhii biyyaalessaa milkeessuuf Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD) Yaa'ii idilee 3ffaa bara hojii 4ffaa waggaa 6ffaa

Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti qajeeltoo kennanii fudhachuu fala ta'uu ibsaniiru.

Ibsaanaa keessattis seenaa ulaa galaanaa qabaachuu qofa utuu hintaane ulaan galaanaa

Itoophiyaaf waa hunda ta'uu hubachiisaniiru. Yaada kana irraa ka'uun Itoophiyaan ulaa galaanaa Zayilaa, Barbaraa Sumalee Laandi, Jibuutii, gama Ertiraan Aduulisiifi Asab

Gara fuula 16tti

**Siinqee**  
Appiikeeshinii Moobaayil Baankiingilii Baankii Siinqee

Ammuma, Piyy Istoorii irraa buufachuun fajaajila isaa jalqabsisaa, maallaqa Keessan salphaatti daddabarsaal

www.siinqeebank.com

Google Play



Komishinar Lalisee Dhugaa

**Turiizimiin Oromiyaa sadarkaa daran fooyyaa'arra jira**

fuula 14



Doktor Taganee Raggaasaa

**Ji'oota sadan darbanitti namooti miliyoona 2.9 dhibee busaatiin qabaman**

- Saaphanni siree miliyoona 2.2 yoo raabsamu, dhiyeessii qorichaaf qarshii miliyoonna 8.6 baasii ta'eera

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Ji'oota sadan darbanitti namootni miliyoona 2.9 ta'an dhibee busaan qabamuu Ministeerri Fayyaa beeksise. Baay'ina ummata biyyattii keessaa %69 bakka tatamsa'ina dhibee busaatiif mijataa ta'e keessa akka jiraatu ibsameera.

Gara fuula 16tti

## Addunyaan fuulasaa gaarummaa gara Itoophiyaatti deebisaa jira

Waaqshuum Fiqaduutiin

Itoophiyaan biyya beelaan akka fakkeenyaatti eeramtuufi waggoota muraasa rakkoo nageenyaatiin dura walqabatee dhagaan badiisaa itti guuramaa ture taatus osoo rakkoof hinjilbeenfatin jabaattee hojjechuusheen har'a seenaan jijjiiramee gara faara tolaadhaan ilaalamuutti saffisaan imalaa jirti.

Tibbana Finfinneen wayita waltajjiwwan idiladdunyaa hedduu keessummeessuuf ko'oommattutti keessaas alaas waamichi Itoophiyaaf taasifamaa ture daran ajaa'ibsiisaa ture. Addunyaa biratti faara tolaan ilaalamani keessummoota addunyaa simachuun bu'aa rogawwan maraa qaburratti Gaazexaan Bariisaa hayyoota Siyaasaa haasofsiiseera.

Gameessi Siyaasaa Doktor Mulugeeta Dabbabaa akka jedhanitti, jijjiiramni dhufaa jiru osoo warra keessaatti hinfakkaatiin addunyaa raajeffachiisaa jira. Ammaan tana garuu biyyi daandii guddinaafi imala sirriirra jiraachuu jijjiiramoota mul'ataa jiran hundi akka amanu dirqisiisaa jira. Mammaaksi, "Kaleessa guddaa turre, guddaas ni taana"



Doktor Mulugeeta Dabbabaa

jedhu hafee akka, "Nuti har'a guddaadha, bor guddina caalutti ceena" akka jedhamuuf jijjiiramni rogawwan maraa mul'ate ka'umsa.

Itoophiyaan waltajjii idiladdunyaa keessummeessuufi irratti hirmaachuu danda'uunshee carraa yookiin loogii osoo hintaane bu'aa carraaqqiiti jedhanii; akkuma Ministirri Muummee Doktor Abiyyi yeroo baay'ee jedhan, osoo bonaafi ganna hojjechuun qamadiidhaan of danda'uu bira darbee algergiif hinoollu ta'ee beelaan



Ambaasaaddar Diinaa Muftii

waamamuun hinhafu ture jechuun ibsa. Osoo rakkoo nageenyaatiin hidhamanii misooma koriidarii, paarkiiwwan industiriifi inisheetiiviiwwan garagaraa bocuun guddina dinagdee milkeessuun hafee ilaalchaafi kabaja addunyaa keessa galuun akka hindanda'amne dubbaaniiru.

Itoophiyaan jijjiirama rogawwan maraa kan fidde beekumsa xabbootti fayyadamuun qabeenyawwan uumamaa qabdu hunda

Gara fuula 16tti



# ODUU

## Guyyoota kurnan ittaananitti omisha ga'e sassaabuuf haalli qilleensaa mijataadha

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Guyyootan kurnan ittaananitti omisha ga'e sassaabuuf haalli qilleensaa mijataan jiraachuu Inistitiyuutiin Meteworolajii Biyyaalessaa beksise. Hawaasi filannoo qabu hunda fayyadamee omisha ga'e akka sassaabu Ministeerri Qonnaa ibseera.

Inistitiyuutii Meteworolajii Biyyaalessaatti Daarekterri Ittaanaan Raagaa, Akeekkachiisa Duraa, Gorsaafi Damee Qorannoo Doktor Asaamminoo Tashoomaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, naannolee Tigraayyi, Affaar, Amaaraa, Oromiyaa Giddugalaafi Bahaa, Shawaa Lixaafi Itoophiyaa Giddugaleessatti guyyoota hedduuf haala qilleensa gogaafi aduu qabaatu. Bakkeewwan kunneenitti kutaa biyyaa waqtii makaraa ta'eef omisha ga'an sassaabuuf haala mijataa uuma waan ta'eef omishni ga'e sassaabamuu akka qabu ibsaniiru.

Torbee tokko booda garuu keessumaa naannoo Amaaraa naannawa Baahirdaar akkasumas naannoo Oromiyaatti uwwisni



Midhaan ga'e wayita haamamuufi sassaabamu

hurrii ni dabala. Kanaan walqabatee roobni salphaan uumamuu danda'a. Kanaaf bakkeewwan kunneenitti omishaalee ga'an dafanii sassaabuun barbaachisaadha.

Kutaaleen biyyattii bonni yeroo rooba isaanii ta'e naannoo Sumaalee Kibbaa, Zoonii Gujiifi Booranaa, naannolee Sidaamaafi Itoophiyaa Kibbaa rooba waggaatti biyyattiitti argamu %45 argatu. Garba Hindii Kibbaarraa qilleensi jiidhina qabu biyya keenya waan seenuuf guyyootan kudhan ittaananitti kutaaleen biyyattii

yeroon roobasaanii bona ta'e rooba salphaa hanga giddu galeessaatti argatu. Isaanis, Naannoo Sumaalee Kibbaa, Godina Gujiifi Booranaa, Godina Baalee bakka muraasa, Sidaamaa, Itoophiyaa Kibbaafi Kibba Lixaa bakka hedduu isaanitti rooba argatu. Roobni isaan argatanis dhugaatiifi nyaata beeyiladaaf akkasumas hojjiilee misoomaa qonnaan bulaafi horsiisee bulaaf bu'aa guddaa qaba. Kutaalee biyyattii Kibbaafi Kibba Lixaatti omisha guddina isaanii hin xumurreef akkasumas biqiloota dhaabbataa

ta'aniif roobi argamu bu'aa guddaa akka qabu ibsaniiru.

Haaluma walqabatuun Ministeerri Qonnaa torban ittaananitti kutaalee biyyattii rooba argatanitti omisha ga'e hawaasni filmaatawwan qabu hunda fayyadamuun sassaabuu akka qabu ibseera.

Ministeerichatti Raawachiisaa Hojii Olaanaan Misooma Omishaa Obbo Isaayyaas Lammaa akka ibsanitti, kutaalee biyyattii yeroo kanatti omisha sassaabanitti haalli roobaa ture omishaalee ga'an akka qamadii, xaafii, garbuu, boqqolloo, boloqqee fi kanneen kana fakaatan irraan miidhaa qaqqabu hir'suuf omisha ga'ee ariitiin sassaabamuu qabu.

Bara omishaa 2016/2017tti qonna gannaan hektaara miliyoona 12.06 01 sanyiidhaan uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 436.3 ol sassaabuuf karoofamee hojjetamaa jirachuu ibsaniiru. Kutaalee biyyattiitti yeroon roobasaanii bona ta'e omishaafi nyaata beeyladaasaaniif bishaan murteessaa ta'uu hubatanii cophaa bishaan argametti sirnaan fayyadamuun jallsii bonaaf oolchuu qabu jedhaniiru.

## Ummatni Horroo Guduruu Wallaggaafi Naannoo Amaaraa nageenya waareessuurratti waliin hojjetaa jira

Waaqshuum Fiqaduutiin

**Finfinnee:** Ummatni Horroo Guduruu Wallaggaafi Naannoo Amaaraa Finxaaleyyii gama lachuun nageenya boorressan irratti waliin hojjechaa jiraachuu Bulchaan Godinichaa Obbo Mirreessaa Fiixee ibsan.

Obbo Mirreessaan ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, naannawichi waggoota shanan darbanitti rakkoo nageenyaa hamaa keessa ture. Ta'us bara darbee kaasee xiyyeeffannoo mootummaan godinichaaf kenneefi tumsa ummataa haalli nageenya daran fooyya'ee ummatni fuulasaa gara misoomaatti deebisee jira.

Gandoota godinichi qabu 214 keessaa 190 guutummaatti rakkoo nageenyaarraa bilisa jedhanii; gandoota gammoojjii fageenyarratti argaman keessaa sochii Finxaaleyyii qolachuuf ummatni qaamolee nageenyaa waliin qindoominaan hojjechaa jiraachuu dubbataniiru.

Ummatni godinichaa Shaneefi Finxaaleyyiidhaan dabareen dararamaa ture. Lubbuu balleessuun qabeenya saamuufi gubanii barbadeessuun taatee laalessaa raawwatamaa tureedha. Ummatni hedduunis qe'eesaarraa akka buqqa'u sababa ta'era jechuun ibsaniiru.

Misooma ilaalchisee ammaan tana naannawa baddaatti midhaan sadarkaa asheetaatti jiraatus gammoojjiitti garuu midhaan ga'an kanneen akka boqqolloo, baaqelaafi ataraafaa sassaabamaa jiraachuu himanii; omishni oyiruurra jiruun daran gammachiisaa ta'us roobni roobaa jiru yaaddoo akka ta'eefi duulaan sassaabuuf qophiin taasifamaa jiraachuu eeraniiru.

Rakkoo nageenyaatu danqaa ta'e malee godinichi omisha midhaaniin kan beekamu



Obbo Mirreessaa Fiixee

bonaafi ganna omishuuf laggeeniifi harawwan hedduu qabaachuu himanii; bara kana inisheetivii qamadii bona milkeessuuf lafa hektaara kuma 158 qophaa'e keessaa hektaarii kuma 28 qotamee, hanga ammaatti lafti hektaarii shan sanyiin uwwifamuu ibsaniiru.

Godinni kun bona qamadii omishuu qofaaf osoo hintaane omisha kuduraafi muduraaf daran mijataadha jedhanii; keessattuu omisha shunkurtiif mijataa waan ta'eef bara kana shunkurtii omishuuf qophiin taasifamaa akka jirus dubbataniiru.

Gama kaaniin naannawa gammoojjii bakka rakkoon nageenyaa darbee darbee itti mul'aturraa kan hafe ijaarsi pirojektotaa godina, naannoofi federaalaan adeemsifamaa jiru haala gaariirra jiraachuu eeranii; misooma kooriidarii magaalaafi baadiyyaa eegalchiisuuf qophiin taasifamaa akka jiru ibsaniiru.

Waliigalaan yeroo ammaa nageenyi godinichaa fooyya'uusaatiin ummatni fuulasaa gara misoomaatti deebiseera. Abbootiin qabeenyaa hojjiilee investimatiirratti bobba'uuf fedha qaban haala mijaawaa jirutti akka fayyadamanis waamicha dhiyeessaniiru.

## Hanga ammaatti namoonni kuma 105 adeemsa calaallii ajandaarratti hirmaatan

Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Hanga ammaatti namoonni marii biyyaalessaa kuma 105 adeemsa calallii ajandaa marii biyyaalessaarratti hirmaachuu Komishiniin Marii Biyyaalessaa beeksise. Boqonnaa raawwii kanatti naannolee sagaliifi bulchiinsota magaalaa lamatti calallii hirmaattotaafi ajandaa marii goolabuun ibsameera.

Komishinari komishinichaa Doktor Yoonas Addaayyee ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, komishinichi guyyaa hundeeffamerra eegalee marii biyyaalessaa milkeessuuf naannolee sagaliifi bulchiinsota magaalaa lamatti hojjiisaa boqonnaa kanatti geggeeffamu goolabeera. Naannolee Oromiyaa, Amaaraafi Tigraayitti hojii komishinichaa hafe xumuruuf cimsee akka ittifufu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, komishinichi walakkeessa bara 2017tti waltajjii marii isa jalqabaa gaggeessuuf hojjechaa jira. Kanaafis, hanga boqonnaa calalli ajandaatti namoonni kuma 105 hirmaachuun hojiin milkaa'ina qabu hojjetameera. Naannolee hafan keessaa Oromiyaatti dhiyeenyatti gaggeessuuf qophiin taasifamuu himanii; Naannoo Amaaraatti magaalota Gondar, Baahirdaar, Dabrabirhaaniifi Daseetti hojii eegalaman cimsee ittifufa jedhan.

Tigraayittis hojii eegaluuuf pirezidaantii bulchiinsa yeroo naannichaa Obbo Geetaachoo Raddaa, hayyoota yuunivarsiitiwwan naannichatti argamaniifi waldaalee sivikii waliin dubbachuun deebii gaariin kennamuu eeraniiru.

Tokkon tokkoon lammiilee biyyattii mariin biyyaalessaa dhimma kooti jechuudhaan ajandaasaanii yeroo itti komishinichaaf dhiyaachaa jiru irra ga'amuu himanii;



diyaaspoora dabalatee qaamoleen hawaasaa hundi ajandaa rakkoo biyyaa fura jedhan komishinichaaf dhiyeessaa jiraachuun marichi hammataafi hirmaachisaa ta'uu mul'isa jedhaniiru.

Qaamoleen hidhatanii bosona jiran bakka qaamni sadaffaan jirutti haasofsisuuf tattaaffiin taasifamuu kan eeran komishinariichi; dhimmi kun xiyyeeffannaa argatee akka milkaa'uuf hawaasni idilaaddunyaa deeggarsa akka taasisuuf ambaasaaddarootaafi dhaabbilee mitmootummaaf hubannoon kennamuu eeraniiru.

Waltajjiilee hanga ammaatti gaggeeffamaniin garaagarummaa yaadaatiif walwaraanuun hafee mariin furuuf hirmaannaafi fedhiin hirmaattota hanga ammaatti mul'ate milkaa'ina maniiwwan marii biyyaalessaaf abdi kan namatti horu ta'uu ibsaniiru.

Mariin biyyaalessaa kun akka milkaa'uuf hirmaannaan miidiyaalee gaarii ta'uu eeranii; maanguddootni, hayyotni, dubartootni, dargaggootni maalummaafi bu'aasaa caalaatti akka bal'ifaniifi tumsi miidiyaalee cimsee akka ittifufu gaafataniiru.





## Miidhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u dabalaa jira

Gammachuu Kadiriin

**Adaamaa:** Miidhaan dubartootaafi daa'immanirra ga'u yeroodhaa gara yerootti bifa jijjiirratee dabalaa jiraachuu Biiron Dhimma Dubartiifi Daa'imman Oromiyaa beeksise. Miidhaa kana hir'isuuf mariin paanaalii qooda fudhattoota waliin magaalaa Adaamaatti Kamisa darbe gaggeeffameera.

Hoggantuu ittaantuun biirichaa Aadde Samiiraa Faariis haasaa taasisaniin, miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'u hir'isuuf mootummaan hojii bal'aa hojjetus miidhaan xiinsammuu aadaafi duudhaa hawaasaarraa maqee dubartootarra ga'aa jira. Miidhaa kana hir'isuuf qooda fudhattoonni qindoominaan hojjechuu qabu.

Akka isaan jedhanitti, akka biyyaattis ta'e Oromiyaatti sarbammuu mirga namoomaa dubartootaafi daa'immanii maqsuuf mootummaan imaammata, qajeelfamootaafi paakeejota garagaraa qopheessuun qaamolee qooda fudhattoota waliin ta'uudhaan hojii bal'aa hojjeten fooyya'iinsi jiraatus rakkinicha hundeerara furuun hindanda'amne.

Miidhaan qaqqabaa jiru duudhaafi amantaa hawaasaa kan cabse waan ta'eef abbootiin amantaafi abbootiin Gadaa dhimma kanaaf xiyyeeffannaa kennuun ga'eesaanii akka ba'anis gaafataniiru.

Godina Shawaa Bahaatti Walittiqabaan Gumii Abbootii Gadaa, Abbaa Gadaa Rattaa Eboruu akka jedhanitti, qajeeltoo sirna Gadaatiin daa'immi tokko rifeensi illee garmalee hin aadamu. Yeroo ammaa garuu gochaafi ilaalcha duudhaa sirna Gadaa cabsutti raawwatamaa waan jiruuf abbootii Gadaa, haadhooliin Siiqqee fi abbootiin amantaa dirqamasaanii ba'achuu qabu.

Gumii Dhaabbata Amantaa Oromiyaa irraa Ustaazi Jamaal Ahimad gamasaaniin, miidhaa dubartootaafi daa'immanirra ga'aa jiru maqsuuf dhimma yeroo dabalataa gaafatu miti. Rakkinichaaf xiyyeeffannoo kennuun har'umaa kaasee hojjechuun dirqama hundaati. Lakkoofsi bilbila tolaa miidhaa dubartootaafi daa'imarra ga'u ittiin saaxilamu jiraachuu qaba.

Waltajjicharratti, hiikkaa gaa'elaa, walittibu'iinsa daangaaf jecha haaloo daa'imarratti ba'uu, da'anii gatu, miira aariin tarkaanfii fudhachuu, jaarsummaa dhimma daa'immaniiratti taa'amu, ragaa dhoksuufi hanqinoota gama miidiyaan jiran hudhaalee gaaga'ama dubartootaafi daa'immanii babal'isan keessaa akka fakkeenyaatti ka'eera.

## Harri Basaqa kaleessa abaaramaa ture har'a eebba dachaa dhalee qurxummii burqisiisaa jira

Waasihun Takileetiin


**Finfinnee:** Matahaaraan magaalaa aduun itti hindhiine sa'aatii 24:00 guutuu keessummaa simattee gaggeessitu, kuduraafi muduraan of geesse yoo taatu; gaara Fantaalleefi Hara Basaqaatiin marfamtee tajaajila hawaasummaa guddaa kennaa jirti.

Harri Basaqa fagootti magaalattiif miidhagina kenneefi jiru waggoota dheeraaf seenessa yaraa irra tureen tajaajila misoomaaleef oola jedhamee yaadamee hinbeeku. Amma garuu seenessi yaraa sun irraa ka'ee harri Basaqa madda jiruuf jireenya lammiilee ta'uurra darbuun wiirtuu hawwata tuursitii ta'aa jiraachuu Kantiibaana magaalaa Matahaaraa Obbo Addisuu Waqoo nidubbatu.

Obbo Addisuun turtii addatti Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin harri Basaqa maaddii guutuu lammiileen marti irraa qooddatan ta'aa jiraachuu himaniiru. Misooma fuduraa gammoojjii ho'aa kana keessaa hammaaramuunis beekamtii kan qabdu magaalattiin eebba dabalataan kan badhaafamte ta'uu kaasu.

Xiyyeeffannoo mootummaan Hara Basaqaaf kenneen kan dur lubbuqabeeyyiin keessa jiraachuu hindanda'an jedhamaa ture akaakuuwwan qurxummii gara garaafi naachaan guutamu kaasu. Dargaggoonni hedduus IMXfi dhuunfaan gurmaa'anii qurxummii achi keessaa bahuun mana nyaataa banatanii jireenyasaanii fooyyessaa dinagdeesaniis cimsaa jiraachuu kantiibichi himu.

Magaalaa giddugala seensa walakeessa biyyaa kan taate Matahaaraan sa'aatii 24:00 keessummaa simattee gaggeessaa



kan jirtu yoo ta'u, eebba hara Basaqaarra argattuun galiishii cimsachaa akka jirtu eeraniiru. Lakkoofsiifi akaakuuwwan naachaa harichatti argaman keessaas dachaan dabalaa jiraachuu kaasanii, qaama dhimmisaa ilaallatu waliin ta'uun giddugala hawwata turistii taasisuun hojiitti seenamuu ibsaniiru.

Dabalataanis harri Basaqa jiraattota naannawichaa hedduuf eebba dachaa fidee dhufuus kan kaasan Obbo Addisuun msioomaalee jallsii kuduraafi muduraaf tajaajila addaa laataa jiraachuu himu. Ilaalchi yaraa kaleessa hara Basaqaarra ture cabaa kan jiru yoo ta'u, fedhiin misoomawwan garagaraatti bobbahuu lammiilees dabalaa jiraachuu eeraniiru.

"Miira kutannaa Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad hara Basaqaarratti agarsiisaniin loojii guddaan Beenuunaa jedhamu magaalaa keenya daran beeksisuu danda'u carraa hojii hedduu baneera. Turistootaaf bakka boqonnaafi



bashaannanaa ta'ee tajaajilu tibbana eebbifameera" jedhan.

Teessumni lafaafi haalli qilleensa magaalatti misoomawwan loojii, hoteelota, fuduraafi muduraafi investmentiif mijataa ta'uu himanii, bulchiinsi magaalattiis abbootii qabeenyaa hojiilee kanneenirratti bobbo'uu barbaadaniif qophii ta'uu beeksisaniiru.

## Shaggaritti jallsiidhaan qamadii kuntaala miliyoona afurii ol omishuuf hojjechaa jira

Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Shaggaritti lafa hektaara kuma 65 jallsiidhaan misoomsuun qamadii kuntaala miliyoona afurii ol argachuuf hojjetaa jiraachuu Waajjirri Misooma Jal'isii Magaalichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Abarraa Caalaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa akka ibsanitti, hojii misooma jallsii bona baranaa milkeessuuf maddoota bishaan garaagaraa mijataa taasisuun, haroowwaniifi bool'awwan xixiqqaa qulqulleessuun akka bishaan qabatan gochuunifi paampiiwwan dhiyeessuun hojiitti galameera.

Yeroo ammaas lafti ganna hinqotame kan bishaan irra ciisaa ba'e jallsiidhaan misoomsuun facaasuun jalqabameera, kunneen hafan ammoo yeroo omishni irraa sassaabame misoomsuuf karoofameera.

Lafa jal'isiin misoomurraa irra caalaatti callaa qamadii argachuuf kan hojjetamu ta'uus, lafa hektaara kuma shaniifi 778 sanyii Kuduraafi muduraatiin uwwifamerra omisha kuntaala miliyoona 2.5 argachuufis karoofameera.

Magaalichatti hangi lafaa misoomuufi omishni jallsii bonaatiin argamu waggaa



Obbo Abarraa Caalaa

waggaadhaan dabalaa jira. Kanaan dura lafa omisha kenne hinbeekne kan bishaan bonaafi ganna irra ciisurratti hojiin misooma jal'isii hojjetamaa jira. Hojii hojjetameenis waggaa sadii dura misoomni jallsii lafa hektaara kuma 20 gadirratti hojjetamaa kan ture barana waliigalatti gara lafa hektaara kuma 70tti guddisuuf karoofameera.

Bulchiinsi magaalichaa bishaan lafa jalaafi bishaan lafarraatiin kan badhaadhe ta'uu himanii, hojii pirojeektiwwan jal'isii ammayyaa babal'isuuf hojjetamaa jiruun pirojektotni jal'isii gurguddoo haaraan sadii kutaalee magaalaa Laga Xafoo, Kuraa Jiddaafi Sabbatatti xumuuramanii jiran barana hojii ni jalqabu jedhaniiru.

Fedhii paampii qonnaan bultootarraa sassaabuun paampiiin dhiyaachaa kan jiru ta'uu himanii; bara bajataa 2017 paampii 1000 dhiyessuuf karoofamee kurmaana tokkoffaatti paampiiwwan 100 dhiyeessuun danda'ameera jedhaniiru.

Magaalichatti deeggarsa mootummaatiin baroota adda addaatti baay'inni paampiiwwan dhiyaatanii 1681 ta'uu himanii; paampiiwwan kunneen lafa hektaara kuma 55 misoomsuu danda'u jedhaniiru. Maloota adaatiinis hojiin misooma jallsii hojjetamaa jira.

Bu'aa qabeessummaasaa xinxaluun mootummaan caalaatti misoomni qamadii akka hojjetamu kan barbaadu ta'us faddaaltonni tokko tokko qonnaan bultootni omisha qamadii dhiisanii waan biraa akka omishaniif dhibbaa uumaa jiru jedhanii; qaamolee kanneenirratti fdhatamaa jiraachuu eeraniiru.



# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Sadaasa 7 Bara 2017



**Harka tokkoon sanyii gahe sassaabaa, isa hafeen immoo qonna boneetiif qophaa'uu**

*fuula* **9**



**“Mandara Shonkee qe’ee qaroominni Kuush itti mul’atuufi umrii ganna 900 ol qabu galmees UNESCO irratti galmeessisuuf hojiitti jirra”**

*- Obbo Ahmad Ibraahiim*

*fuula* **6**



**Dargaggeessa yeroo jalqabaaf gitaara omishee gabaaf dhiyeessaa jiru**

*fuula* **8**



# Ijoo Dubbii

## Misooma koriidarii magaalaa hanga baadiyyaatti diriirfame

Hojiin misooma koriidarii Finfinnee daran miidhagse erga eegalamee waggaa tokkollee hinguunne. Hojii misooma koriidarii marsaa tokkoffaa iddoowwan adda addaatti hojjetamaniin magaalattiin akka misirroo daran kuulamteetti, miidhagdeetti; akka bakkalcha barii iftee mul'achuu eegalteetti. Dulluma umriishii malee irra golboobee akka okkoo cillaafkachiisee ture keessaa baatee akka risaa muuxataa jirti; ijoolleeshee qaxalee 7/24 boqonnaa malee hojjetaniin.

Finfinneen misooma koriidarii kana boqonnaa boqonnaadhaan qoqqoodde hojjechiifachaa kan jirtu yoo ta'u, boqonnaa tokkoffaa haala daran miidhagaa ta'een xumurtee ammaan tana boqonnaa 2ffaa keessa jirti. Kanaanis gama hedduun jijjiirama abdachiisaa jirattootashii gammachiise, magaalota biyya keenyaa kaaniif ammoo muuxannoo amansiisaa ta'e qoodaa imala of miidhagsuushii ittifufteetti; hojiin kun sadarkaa akkamiirra akka jirus qorachiifatteetti.

Kana ilaalchisuunis abbaan mul'ataa misooma koriidarii kanaa Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) ergaa dheengadda karaa miidiyaa hawaasaasaanii dabarsaniin, "Gabaasa hojii misooma koriidarii Finfinnee boqonnaa lammaffaa kallattiwwan saddeetiifi lafa hektaara 2,879 irratti hojjetamaa jiru gamaaggamneerra.

"Magaalonni keenya boqonnaa duraarraa muuxannoo fudhachuun guddinaafi jireenyaaf caalaatti akka mijatan gochuuf ammaatti adeemsi hojiin ba'eessa ta'e galmaa'eera.

"Hojiilee barbaachisoo sadiiratti xiyyeeffachuu qabna. Jalqabni magaalota dhaloota dhufuuf malan ijaaruu, lammaffaan dhaloota magaalota jijjiiruuf dhama'uufi keessatti guddachuu danda'u horachuufi sadaffaan, hoggansa magaalota kanneen haalaan gaggeessuuf hidhannoo tolfate gahoomsuudha" jedhan.

Eгаа, misoomni koriidarii Finfinneetti eegalame kun ka'umsisaa fedhiin jiraataa magaalaa guddinnishii waan walhingitneef isa sirreessuudha. Magaalaan silaa osoo calaqqee badhaadhinna ta'uu qabuu faallaa sanaa ture.

Kanumarraa ka'uun misoomichi Finfinneerra jalqabame. Kanarratti deeggarsi ministira muummee, hoggansi magaalaa, keessumaa kan kantiibaa magaalitti akkasumas jiraataa magaalaa olaanaadha.

Hojiin kun aadaa hojiis kan jijjiireedha. Hojii saffisa, qulqullinaafi guddinaan akkasumas jiraataa hirmaachisuufi haqqaabeessummaa mirkaneessuun hojjetamaa jiru kanarraa muuxannoo wwan argamaniiru.

Misoomichi hammattummaas kan mirkaneessuudha. Hojiin dur magaalotatti hojjetamaa ture asfaaltii ykn gamoo abbaan qabeenyaa ijaaruudha. Namoota qabeenyaafi humna hinqabne akkasumas daa'immaniif haala mijataa kan uumu hinturre.

Namoonni qabeenya qaban ijoolleesaanii biyya alaa geessanii bashannansiisu danda'u. Biyya keessattis taanaan hoteelota guguddooti bashannanu danda'u. Hiyyeessi garuu akkanumaan ilaalee bira darba malee bakkichatti tajaajilamuu hindanda'u. Miiirri abbummaa, hariiroon jiraataan magaalaa wajjin qabus gargar faca'aa ture.

Amma garuu paarkiiwwan ijaaramanitti namni barii, halkan, roobaafi aduu keessallee miilaan deema, kaan saayikilii oofa, daa'imman niburraaq. Ijoolleen bakka balfaafi qulqulluu oolan jaalalli biyyasaaniif qaban qixa miti. Kanaaf hojichi magaalaa miidhagsuu qofa osoo hintaane hariiroo dhalootaafi biyyaas kan cimsuudha.

Dhaloonni waan qulqulluu, miidhagaafi magariisa argaa guddatu bor kanaa oltu naa mala jedhee yaada. Kan taa'ee gaafatu qofa osoo hintaane, kan keessatti hirmaatu akka ta'uufis gahee olaanaa qaba.

Kanaaf mootummaan qoricha gatii qaaliitiin alaa galchuurra misooma akkanaa babal'isuun lammii fayyaa qabu omishuu danda'a. Istaadiyeemiiwwan xixiqqoofi daandiiwwan lafoo bal'inaan ijaaraman namni miilaan deemuufi ispoortii hojjechuu akka amaleeffatu taasisuun dhalootas ni baraara.

Hojiin misooma koriidarii kun ammaan tana magaalota Itoophiyaa 30tti adeemsifamaa jira. Kunis badhaadhinni kan magaalaa tokko qofa keessatti hojjetamee mirkanaa'uu akka hintaane kan agarsiisuudha.

Misooma koriidarii baadiyyaas jalqabuuf hojjetamaa jira; sababnisaa jijjiiramni kan namni hundi argu, dhandhamuufi harkaan qabatee ilaalu ta'uu waan qabuuf. Kanaaf hojiin misooma koriidarii magaalaa hanga baadiyyaatti diriirfame kun biyya gama hundaan badhaate uumuu keessatti shoora olaanaa waan qabuuf cimee ittifufuu qaba.

## Yaada/Ajandaa



Hojiin waggaa guutuu omishuufi sassaabuu cimee ittifufuu qaba

## Hojii misooma qonnaa waggaa guutuu adeemsifamu

### Natsaannat Taaddasaatiin

Waggoota muraasa dura Itoophiyaatti hojiin misooma qonnaa roobarratti hirkachuun qofa adeemsifamaa ture. Hojii misooma jallisiitiin kuduraalee adda addaa omishuu malee qamadii dabalatee midhaanota gosa gara garaa omishuun hinbaratamne ture.

Waggoota muraasaa as garuu keessumaa omishni qamadii jallisii naannolee biyyattiitti daran babal'atee omishamaa jira. Omishni qamadii yeroo ammaa keessumaa naannoo Oromiyaatti bal'inaan waggaa guutuu omishamaa jira. Biyyattiin yeroo ammaa qamadii dur alaa galchaa turte omisha biyya keessaatiin bakka buusuun sadarkaa biyya alaatti erguurra geesseetti.

Inisheetiiviiwwan qamadiifi qonna magaalaa waggaa guutuu adeemsifamaa jiran wabii nyaata maatii mirkaneessuufi hiyyummaa hir'isuu keessatti gahee olaanaa qaba. Inisheetiivonni kunneen aadaa hojii jiraattota baadiyyaas ta'e magaalaa jijjiiruun hojiin qonnaa waggaa guutuu akka hojjetamu taasisuun jiruufi jireenya hawaasaas ta'e guddina dinagdee biyyaa fooyyessuu keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jiru.

Hojiin qonna bu'uura lafee dugdaa guddina biyyattii waan ta'eef teknoloojii qonnaatiin deeggaramee adeemsifamuu qaba. Sochiin makaanaayzeeshinii qonnaafi galteewwan qonnaa fayyadamuun omishaafi omishtummaa qonnaa guddisuuf raawwatamaa jirus cimee ittifufuu qaba. Waqtiin kun yeroo omishni jallisii bal'inaan itti adeemsifamuudha. Qonnaan bultoonni magaalaa ta'e baadiyyaa hojii misooma jallisiirratti bal'inaan hirmaachuun hojii misooma qonnaa waggaa guutuu adeemsisaafi irraa fayyadamaa jiru.

Hojiileen misoomaa gama mootummaatiin hojjetamaa jiranis hedduusaanii utuu addaan hincitiniifi duubatti hinharkifatiin waggaa guutuu xiyyeeffannoo olaanaan hojjetamaa jiru. Pirojektoonni guguddoon waggaa hanga waggaaatti hojjetamaafi eebbifamaa jiran kanaaf fakkeenya ta'u. Kana jechuun hojiin pirojektoota hundaa haala walfakkaatuun guutummaa

biyyattiitti si'aayina, qulqullinaafi yeroo qabameef keessatti xumuramaa jiru jechuu waan hintaaneef pirojektoota ijaarsisaanii duubatti harkifateefi ummata biratti komii uumaa jiraniif xiyyeeffannaa kennuunis barbaachisaadha.

Haala kanaan dura baratameen sektaroota mootummaa keessatti kurmaanni tokkoffaan yeroo boqonnaa qophii ture. Yeroo ammaa adeemsi kun jijjiiramee kurmaanni tokkoffaan yeroo boqonnaa qophiifi hojii qabatamaan itti raawwatamu ta'eera. Gamaagamni raawwii hojii sektaroota mootummaa sadarkaa naannoofi federaalaatti adeemsifamaa jirus raawwii hojii yeroo yeroon gamaagamuun hanqinootaafi ciminoota jiran adda baasuun hojii caalu hojjechuuf kallattiwwan hojii gara fuulduraa kaa'atanii hojjechaa jiru.

Akka nama dhuunfaa, maatiifi biyyaatti hiyyummaa keessaa ba'uuf jabaatanii hojjechuun dirqama. Rakkoo qaala'insa jireenyaan walqabatee aadaan hojii ummata biyyattiis jijjiiramaa jira. Lammiileen jireenya mo'achuuf yeroosaanii harka caalu hojiirratti dabarsuu jalqabaniiru. Akka biyyaattis pirojektoonni baay'een halkaniifi guyyaa hojjetamaa jiru. Guyyaa ifa aduutiin halkan ammoo ibsaadhaan hojjechuun carraa hojii bal'inaan uumuu keessattis gumaacha guddaa taasisaa jira.

Iccitiin milkaa'ina biyyoota guddatanis ta'e namoota sadarkaa olaanaarra jiranii jabaatanii hojjechuufi rakkoolee isaan muudatanii utuu hinjilbeenfatiin gara carraatti jijjiiruusaaniiti. Akka nama dhuunfaa, maatiifi biyyaatti hiyyummaa keessaa ba'uuf daandiiin filannoo hinqabne jabaatanii hojjechuufi yeroo ofii harka caalu hojiirratti dabarsuudha. Kanaafuu akka nama dhuunfaa, maatii, hawaasaafi biyyaatiitti sochiin waggaa guutuu hojjechuu, omishuufi misoomsuu eegalame daran cimee itti fufuu qaba.

Akka nama dhuunfaa, maatiifi biyyaatti kana caalaa guddachuufi jijjiiramuuf yerootti seeraan fayyadamuufi hojiin dabarsuun barbaachisaadha. Waggaa guutuu hojjechuun, omishuufi misoomsuun daran cimee itti fufuu qaba. Qulqullinaafi si'aayina hojiifi omisha keenyaas daran fooyyessaa deemuun barbaachisaadha.



### Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

**Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa**  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

#### Gulaalaan

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

#### Qopheessitootni:

*Saamraawit Girmaa*

*Natsaannat Taaddasaa*

*Bayyanaa Ibraahim*

*Waasihuun Takilee*

#### Adeemsisaa Hojii

*Bil. 011-126-42-22*

#### Kutaa Beeksisaa:

*Bil. 011-156-98-73*

#### Raabsa Gaazexaa

*Bil.011-157-02-70*

#### Faaksii Kutaa Qophii

*251-011-1-5698-62*

*L.S.P 30089*

*email-bariisaa@press.et*

 *Ethiopian Press Agency*



## KEESSUMMAA BARIISAA



## “Mandara Shonkee qe’ee qaroominni Kuush itti mul’atuufi umrii ganna 900 ol qabu galmees UNESCO irratti galmeessisuuf hojiitti jirra”

- *Obbo Ahmad Ibraahiim*

### Waasihun Takileetiin

*Faanni imaltuu keessummaa keenya torban kanaa gara kaaba Itoophiyaa qe’ee sabboontotaa, dachee gootota gaafa xiiqii, dhimma eenyummaaf warra adda laatu, lafa leenci akka Warqituu itti biqilan, wiirtuu hawwata turizimii kan taate Bulchiinsa Godina Saba Oromoo, Walloo nugeessiti.*

*Godinni Saba Oromoo Walloo giddugaloosa hawwata turizimii, hambaalee seenaa, gabaa sabaafi sabalammiin itti walga’u, bishaan ho’aa dhibamaan itti fayyu, gola aadaafi duudhaan ganamaa osoo hinboora’iin kunuunfamee itti eegame ta’uu seenaatu ragaa baha.*

*Oromoon Walloo qabsaa’aa eenyummaasaaf wareegama qaalii kaffalee dhiigaaf lafeesaan of kabachiisee sabaafi sablammii isa waliin jiraatanis hammatee jiraachisaa ummata uumaafi uumamaaf kabaja qabuufi jaalala ta’edha.*

*Giddugaloosa hawwata tuurisitii godinichi qabu keessaa Mandarra Shonkee isa tokko yoo ta’u, karaa kalaqaafi bobboosa ganamaasaa hingadhiiseen suphuun galmees UNESCO (United Nations Educational, Scientific and Cultural Organization) irratti galmeessisuuf tattaaffii taasifamaa jiruufi qabiyyee seenaa Mandara Shonkee ilaalchisuun turtii Gaazexaan Bariisaa Ittigaafatamaa Qajeelcha Aadaafi Turizimii Bulchiinsa Godina Saba Oromoo kan ta’an Obbo Ahmad Ibraahiim waliin taasisse akkaataa armaan gadiin isiniif dhiyeessineerra.*

**Bariisaa: Mee waa’ee Mandara Shonkee dubbistoota keenyaaf ibsaa. Eessatti argama, umrii hammamii qaba?**

**Obbo Ahmad:** Mandarra Shonkee giddugala hawwata tuuristii Godina Saba Oromoo Walloo Kamiseetti argamu yoo ta’u umrii ganna 900 ol akka qabutu himamaaf. Aanaa Daawaa Caffaa Ganda Jirootaa keessattis argama. Mandarra kunis magaalaa guddoo Naannoo Oromiyaa Finfinneerraa fageenya kilomeetira 350 magaalaa guddoo Bulchiinsa Godina Saba Oromoo, Kamiseerraa fageenya kilomeetira 25 irratti argama.

**Bariisaa: Hundeeffama Mandara Shonkeef bu’uuradha kan jedhamu eenyu?**

**Obbo Ahmad:** Masjiida Xilaha Jaafar jedhamu naannoo Mandara Shonkee jirutu akka sababaatti ka’a. Sheek Shonkee namni jedhamu barnoota amantii Islaamaa achitti barsiisaa turan. bu’uuruma kanaan isaaniin akka hundaa’e himama jechuudha. Mandarra kun Tulluurratti kan argamu, qaroomina Kuush duriin kan bobocamefi abbootiin warraa hedduu kan irra jiraatan yoo ta’u mandara umrii dheeraa qabudha.

Mandara kanarra kan jiraatan irri jireessi obboleeyyan keenya kan ta’an saba Argobbaati. Masjiida dabalatees amma manneen 143tu irratti argama. Kunneenis tulluu tokkumarratti qotamanii dhagaa cirraachaafi mukeen jajjaboon walsimataniin kan ijaaramanidha.

**Bariisaa: Beelladoonni jiraattota tullicharra jiraatanii eessa galu?**

**Obbo Ahmad:** Beelladoonnisaanii dheedichaaf mandararraa fagaatanii bobbaanis galmisaanii galgalaa tulluu Shonkee sanarradha. Dhugaa dubbachuuf haalli ijaarsaafi kalaqa mandara Shonkee kan nama ajaa’ibudha. Bahumsiiif galmisaa

rakkisaadha. Mandara sana keessa erga seenanii deebi’anii bahuuf namni keessa beeku yoo nama gaggeesseen alatti rakkisaadha.

Daandiinsaa nageenya jiraattotaa waareessuuf ta’e jedhee kan ijaarame fakkaata sababnisaas daandiin achi keessa jiran hedduusaanii kan walfakkaatanidha.

Kanarraa kan ka’e namni yoo nama gaggeesseen alatti karaa dhufanirraa deebi’anii bahuun ni ulfaata. Ijaarsa daandii keessoo Mandara Shonkeen walqabatee walfakkaachuunsaa diinni yoo ol itti galee karaa deebi’ee bahu salphaatti qabachuu waan hindandeenyeef to’atamuu danda’a jechuudha.

Diinni akka barbaade galee akka hinbaaneef daandiin hundi walfakkaata, namni nama faana hinjiru taanaan garatti garagalan nama wallaalchisa. Fiiganiin seenanii fiiganiin bahuun hindanda’amu. Sababnisaas nyaaphni ganda sana keessa seenee salphaatti bahuu akka hindandeenye to’annaafi hordoffiif akka mijatutti yaadamee kan hojjetamedha.

Manni jiraattotaa kan beelladoota manaa kanamalees masjiini achirra jiru qaroominaafi bilchinaan kan ijaarameefi qalbii kan nama hawwatudha.

**Bariisaa: Irri keessi mana jireenyaa Mandara Shonkee kun citaamoo qorqorroon kan uwwifamedhaa laata?**

**Obbo Ahmad:** Irri keessi mana jireenyaa mandara kanaa dhagaa cirraachaafi biyyee, muka jabaafi beekumsa addaan kan ijaaramedha. Midhaan irra afatanii aduu rukuchiisu, ijaarsisaa ogummaan waan guutameef daran kan nama ajaa’ibsiisudha.

**Bariisaa: Fiixee Mandara Shonkeetti wayita bahamu maaltu mul’ata?**

**Obbo Ahmad:** Tabba mandara Shonkeetti

gaafa bahamu Lagni Borkenna, Daawweefi Kamiseen miidhaganii mul’atanii qalbii nama hawwatu.

**Bariisaa: Ganna ganna hindhimisuu laata?**

**Obbo Ahmad:** Lakki; cirraacha, dhagaafi biyyeen kan guutame yoo ta’u, qaroominaan kan hojjatame waan ta’eef hindhimisu. Ifti aduu akka galuuf ykn ammoo keessisaa akka hindukkanoofooneef qaawwa aduun biiftuu itti seenus kan ofkeessaa qabudha.

Gubbaa tullicharratti masjiidatu jira bakka salaataati, qaawwi masjiidichaas ifti aduu akka galu keessoon masjiidaa akka hindukkanoofoone kan gargaaru yoo ta’u ogummaa hedduun kan faayame teknoolojii ammayyaa kan tuffachiisudha.

Keessumattuu qaroominni naannawichatti dur ture daran cimaa ta’usaaf ijaarsi Mandara Shonkee kun agarsiistuu guddaadha.

**Bariisaa: Mandara Shonkee adda kan taasisu giddugala barnoonni amantii Islaamaa itti kennamudha jedhama eessaa dhufanii achitti baratu?**

**Obbo Ahmad:** Masjiidni Shonkee hayyota amantii Islaamaa hedduuf bakka itti qaramanii qoraafamanii bahanidha. Biyya keessaa Jimmaa, Arsii, Baalee, Harariif Tigraay biyyaa alaarraammoo kan akka Yamaniifi Arabarraa dhufanii barnoota Islaamaa barataa turuu himama.

Kanarraa kan ka’e Mandarra Shonkee Islaamota biyya keessaafi alaaf giddugala leenjiin ga’umsa amantii Islaamummaa itti horatamudha jechuudha.

**Bariisaa: Jiraattota Mandara Shonkeettin isin deebisaatii sabni achi jiraatu Argobbaadha jettaniittu; ummata Oromoo waliin akkamiin jiraatu?**

**Obbo Ahmad:** Oromoon hammataadha

isa jedhamuuf fakkeenya gaariidhan jedha. Dhugaa dubbachuuf jiraattonni Mandara Shonkee saba Argobbaa lakkoofsaan muraasa ta’anis Oromoon Walloo akka obboleeyyansaatti hammatee aadaa, duudhaa amantiifi eenyummaasaanii isaaniif kabajee hammatee waliin jiraachaa jira.

Afaan Argobbaa iddoo gara garaatti liqimfamee badeera. Sabni Argobbaa Mandara Shonkee yeroo ammaa jiru afaansaa, aadaasaa eenyummaasaa kunuunfatee nuwaliin jira. Afaansaaniin iddoo kaanitti bade Mandara Shonkee Wallootti garuu dhalootatti darbaa jira.

**Bariisaa: Jiraattonni kunneen afaanota meeqa danda’u laata?**

**Obbo Ahmad:** Sabni Argobbaa Afaan dhalootasaanii Argobbaa, Afaan Oromoofi Amaariffa bareechanii danda’u. Kennaa addaa isaan qaban yoo jiraate afaan sadiifi isaa ol kan dubbatan ta’usaaniiti.

**Bariisaa: Afaan barnootaasaanii kamidha?**

**Obbo Ahmad:** Afaan barnootaasaanii Afaan Oromoodha. Tajaajila hawaasummaa Oromoon Walloo argatu mara qixa argachuun saba jaalalaan Oromoo Walloo waliin walta’ee jiraatudha.

**Bariisaa: Jiruufi jireenyi saba Argobbaa Mandara Shonkee malirratti kan bu’uureffatedha laata?**

**Obbo Ahmad:** Jiruufi jireenyisaanii qonnarratti kan hundaa’edha. Lafa qonnaa qabu, haata’u garuu manni galmasaanii Mandara Shonkeedha.

**Bariisaa: Mandarra Shonkee duuba kana xiyyeeffannoo dhabee miidhaaf saaxilamuu himama, suphuuf falli taa’e jiraa laata?**



## KEESSUMMAA BARIISAA

## “Mandara Shonkee qe’ee qaroominni Kuush itti...”

**Obbo Ahmad:** Dhugaadha umrii dheeraa ganna 900 ol kan qabu Mandarri Shonkee miidhaaf saaxilamee akka ture ni beekama. Haata’u garuu duubarra mootummaa Naannoo Amaaraaf dhimmicha ibsuun suphinsi taasifamuufii akka qabu gaafannee turre.

Bu’uuruma kanaan Mandarri Shonkee seena qabeessaafi wiirtuu hawwata turistii ta’e kun suphaa akka argatuuf bajata qarshii miliyoona 2.5 ramaduun suphisiisaa jirra.

**Bariisaa: Hambaaleen seenaa wayita suphaman ogummaan yoo deeggaramaniin alatti bocasaanii ganamaa akka hingadhiisneef of eeggannoo akkamiin hojjetamaa jira?**

**Obbo Ahmad:** Namoota aadaa ogummaa hambaalee suphuu qabanitti fayyadamnee suphisiisaa jirra. Amma haala gaariirra jira jechuun danda’ama. Rakkoo bajataa yoo mudateefis dabalataan deeggaruuf godinichi Mootummaa Naannoo Amaaraa jala waan jiruuf naannichi nuwaliin akka jiru nutti himeera.

**Bariisaa: Mandarri Shonkee miidhaginni, halluunsaa, teessumni lafasaafi haalli ijaarsasaa tulluurratti ta’uun walqabatee yoo irra koranii ilaalan qalbii nama hawwata. Iccitiin miidhaginasaa kun maalidha?**

**Obbo Ahmad:** Ijaarsi Mandara Shonkee ogummaa qaroomaan kan deeggarama, halluunsaa daran hawwataa kan ta’e, fagoorraa qalbii kan nama fuudhudha. Ijaarsisaa itti yaadamee ogummaan kan guutame ta’uu eenyumaafuu ifadha. Ijaarsa teknoloojii ammayyaan miidhagee ijaarame waliin walbira qabnee gaafa ilaallu addadha. Ga’umsi ogummaa namoota mandaricha ijaaranii daran gadi fagoodha.

Barnoonni amantii Islaamaa achitti kennamus adda ta’uun walqabatee imalli garasitti taasifamu daran olaanaadha. Kanarraa kan ka’e giddugala barnoonni amantii gadi fageenyaan itti laatamuufi iddoo qulqullaa’adha jedhamee yaadama.

**Bariisaa: Mandarri Shonkee seena qabeessa ta’e kun tuuristootaan daawwatamaa galii argamsiisaa jiraa laata?**

**Obbo Ahmad:** Eeyyee tuuristiif banaadha, galiis argamsiisaa tureera. Haata’u garuu rakkoo nageenyaa akka naannichaatti jiruun walqabatee yaa’insiifi simannaan tuuristii amma tokko hir’ateera. Rakkoon nageenyaa jiru yoo furame suphinsisaas yoo xumurame madda galii guddaa ta’a jedhamee abdatamaa jira.

**Bariisaa: Hambaan kun umrii dheeraa kan qabuufi ogummaa qaalii namoota duriin kan ijaaramedha. Ulaagaa UNESCOs kan guutudha jedhama, wanti yaadame jiraa laata?**

**Obbo Ahmad:** Yeroo ammaatti qorannaan gara garaa taasifamaa jira; duris taasifamaa tureera. Galmee ‘UNESCO’ irratti galmeesisuuf socho’aa jirra.

**Bariisaa: Mandarri Shonkee kun osoo ‘UNESCO’ irratti galmaa’ee maqaa eenyuun galmaa’a jettanii karoorfattaniitu?**

**Obbo Ahmad:** Hambaan kun kan Oromoo Wallooti. Godina saba Oromoo Walloo magaalaa guddoo godinaa Kamiseerraa



fageenya kilomeetira 25, Aanaa Daawaa Caffaa ganda Jirootaa keessatti waan argamuuf kan Oromoo Walloo ta’ee galmaa’a jedhameera.

**Bariisaa: Hambaan kun galmee ‘UNESCO’ irratti galmoofnaa lakkoofsi tuuristoota garasitti imalanii dachaan dabaluu danda’a. Isa kanaaf qophaa’ummaan jiru maal fakkaata keessumattuu gama misooma hoteelotaatiin?**

**Obbo Ahmad:** Godinni Saba Oromoo Walloo invastarootaaf banaadha, eenyumtuu dhufee misoomsee godinicha fayyadee ofis fayyaduu danda’a bu’uura ulaagaa investimantiin anaa dhufu jennee simanna. Ammaaf garuu hoteelonni muraasni jiru. Ta’us gahaa waan hintaaneef misoomichaaf balballi keenya banaadha.

**Bariisaa: Misoomaaleen loojiifi hoteelonni amma eegalan hinjiraniin laata?**

**Obbo Ahmad:** Hoteelonniif loojiiwwan garagaraa ijaarsarra jiran jiru. Haata’u garuu, gahaa waan hintaaneef warreen misoomanii misoomsuu fedhaniif waamicha dhiyeessaa jirra.

**Bariisaa: Bu’uuraaleen misoomaa Mandara Shonkeewoo maal fakkaatu?**

**Obbo Ahmad:** Bu’uuraalee misoomaan walqabatee Mandarri Shonkee rakkoo keessa jira. Isa kanaafis adeemsa hambaan kana galmee ‘UNESCO’ irratti galmeesisuuf taasifamaa jiruun bu’uuraaleen kun akka guutamaniifis xiyyeeffannoon kennamee jira.

Daandiin hinijaaramne, bishaaniifi tajaajilli ibsaa hinjiru. Hudhaaleen kunneen dhiyootti akka furamaniif akka naannootti hojjetamaa jira. Tajaajila ibsaan walqabatee namoota jaalala Walloof qabanirraa qarshiin kuma 800 walitti qabamee hamma ibsaan galutti soolaariin bitamee tajaajila akka laatu

ta’cera.

**Bariisaa: Yeroo amma ijaarsiifi suphaan Mandara Shonkee maalirra jira jechuu dandeenya?**

**Obbo Ahmad:** Yeroo ammaatti suphaan Mandara Shonkee xumurarra gaheera. Dhihoottis tajaajila kenna jennee abdanna. Qabsoo amma taasifamaa jiruunis galmee UNESCO irra qubatee Oromoo Walloo maqaa waamsisa jedhamee abdatamaa jira. Haata’u garuu bu’uuraaleen misoomaa kan akka bishaanii ibsaa, daandiis hatattamaan xumuramee tuuristootaaf banaa akka ta’uuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

**Bariisaa: Hayyonni qorannoofi qo’annoo gara garaa raawwatan gara Mandara Shonkee dhufanii hojjetan jiruu laata?**

**Obbo Ahmad:** Eeyyee, eebbifamtoota dabalatee hayyonni biyya keessaafi alaa qorannoofi qo’annoo gaggeessan hedduun irratti hojjetaa turaniiru. Rakkoo nageenyaan walqabatee amma hir’atus kan qorannaa gaggeessan hedduudha.

**Bariisaa: Tuuristoonni amma kaasanii mandara kana daawwachuu danda’uu laata? suphaarra waan jiruuf hindhorkamnee?**

**Obbo Ahmad:** Lakki dhorka hinqabu daawwanaafis ta’e qorannaa gara garaaf garasitti kan dhufan yoo jiraatan dursanii nibeeksisuun isaan simachuuf qopha’aadha.

Akkuman dura siif kaase rakkoo nageenyan walqabatee tuuristoonni daawwatan lakkoofsaan hir’ataa dhufan malee dur hedduu turan. Haata’u garuu hudhaan nageenyaan walqabatu furamnaan lakkoofsi tuuristootaafi galiin damee turizimiirra argamullee dabaluu akka danda’u beekamaadha.

**Bariisaa: Sochiin hambaan kana galmee UNESCO irratti galmeesisuuf taasifamaa jiru akka dhugoomuuf hayyotarraa maaltu eegama jettu?**

**Obbo Ahmad:** Nuti suphaa barbaachisu taasisaa jirra, ijaarsa bu’uuraalee misoomaan walqabatan guutaa jirra. Haata’u garuu hayyota keenyarraa wanti eegamu yoo jiraate qorannaafi qo’annaa giddugala kana gadibaasee mul’isu hojjechuudha.

**Bariisaa: Oromoon Walloo Mandara Shonkeen alatti wiirtuulee hawwata turistii inni qabu maalfa’i?**

**Obbo Ahmad:** Gabaa Wiixataa Baatee akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeenya. Gabaa sabaaf sablammiin itti walgahu, keessumattuu Oromoo Affaar, Amaaraa, Argobbaafaa maqaa dhahuun danda’ama.

Miirri waldanda’uu achitti mul’atu kan nama jajjabeessu gabaa jaalalli biyyaa itti horatamudha jechuun nidanda’ama. Gabaa Sanbataa Baatee Bishaan Hurkaa Caacaatu, Awwetuu Borkenna, Masjiidota seena qabeeyyii kan akka Doddoota, Gaddoo, Ji’eertuu keessumattuu jaarraa 14ffaa keessa kan hundaa’eeff kanneen birootu jiru.

**Bariisaa: Masjiidonni akka godina saba Oromootti jiran umrii dheeraa kan lakkoofsisaniifi haalli itti ijaaraman addadha jedhama maaltu adda isaan godha?**

**Obbo Ahmad:** Takkaan aadaa kan giddugaleeffatanidha. Lammatammoo dhiyeessiilee naannawaatti argaman cirracha dhagaafi mukeen jajjaboon kan ijaaraman umriifi seenaa dheeraa kan qaban, alaafi keessarraa musliimota simachuun barnoota amantii kennuun kan maqaa qabudha.

Kanarraa kan ka’e Yaman Arabaafi kutaalee Itoophiyaa gara garaarraa Musliimoonni babahan barnootaafis daawwanaafis garas dhufu. Rakkoon nageenyaa mudataa jiru guutummaa guutuutti osoo dhaabateetii godinni keenya damee turizimiirraa galii guddaa argamsiisti.

Rakkoon nageenyaa adeemsaan furamuun waan hinoolleef nus gamanumaa damee turizimiiratti xiyyeeffannoo laannee hojjennee maallaqatti jijjiiruuf humna guutuun hojjetaa jirra.

**Bariisaa: Bishaan ho’aa ykn hurkaa iddoo garagaraatti argaman kunniin tajaajila akkam akkamii kennu?**

**Obbo Ahmad:** Dhibamaan ittidihiqatee fayya, ijoolleen dinnichaafi buuphaa itti affeellatu bishaan hurkaa kun qorichummaaf waan barbaadamaniif yeroo hedduu tuuristootaan daawwatamu.

**Bariisaa: Oromoon Walloo aadaa, duudhaa afaaniifi eenyummaasaa dhalootatti dabarsuuf kutannoo akkamii qaba?**

**Obbo Ahmad:** Oromoon walloo dhimma eenyummaafi sabboonummaan walqabatee saba gaafa xiiqiiti jechuun danda’ama. Afaan, aadaa, eenyummaafi duudhaasaa kunuunsee osoo hinfaaliin dhaloota har’aan gahatee ammas imala jabaarra jira.

**Bariisaa: Sabaaf sablammi ollaasaa jiran waliin waldanda’ee waliin jiraachuurratti maal fakkaata?**

**Obbo Ahmad:** Oromoon Walloo, Argobbaan, Amaaraafi Affaar waliin waldanda’ee jaalalaan walkabajanii waliin jiraatu. Tajaajila hawaasummaa gara garaanis walitti dhufanii tokkummaan



## Qarreefi Qeerroo

# Dargaggeessa yeroo jalqabaaf gitaara omishee gabaaf dhiyeessaa jiru

### Waaqshuum Fiqaaduutiin

Meeshaa muuziqaa kan ta'e gitaara hojjechuun Itoophiyaatti mitii ardii Afriikaattuu baay'ee kan baratame waan hintaanef yeroo baay'ee gitaari biyyoota Awurooppaa, Ameerikaafi Eeshiyaarraa gara biyyaa gala. Haa ta'u malee, ammaan tana dargaggeessa fedhii gitaaraa biyya keessaa guutuu bira darbee gabaaf addunyaafuu dhiyeessuuf karoofate ilaalchisee haala armaan gadiin isiniif dhiyeessineerra dubbisaa.

Dargaggoo Muluqan Boonoo jedhama. Magaalaa Arbaa Mincirraa baadiyyaa fageenya kiilomeetira 10 irratti argamtutti kan dhalate yommuu ta'u ammaan tana magaalaa Arbaa Mincii keessa jiraata. Mana amantii naannawasaatti argamu wayita deemu hunda gitaara tokkittii namni walharkaa fuudhee ittiin waaqessu/galateeffaturratti qalbiinsaa akka hidhamu dubbata.

Hawwiinsa gitaara taphachuu qofa osoo hintaane dargaggoota akkasaa gitaara taphachuuf fedhii qabaniif gitaara hojjetee gumaachuu ture. Boodarra, haala gitaari itti hojjetamu "You Tube" irraa ilaaluun shaakaluutti ka'e. Gitaara mana amantii sana ofitti fuudhee yeroo jalqabaaf gitaara xiqqoo tokko karaa milkaa'aan hojjechuu danda'eera. Gitaari inni yeroo jalqabaa hojjetee kun hanqinoota muraasa qabaatus isaaf gammachuu guddaa akka ture dubbata.

Asirratti wanti hubatamuu qabu, Abbaan Muluqan Obbo Boonoon ogummaa mukaa qabaniin meeshaalee mana keessaa wayita hojjetan argaa guddate. Muluqan kutaa 4ffaa wayita baratu manni barumsaa inni itti barachaa ture ogummaa harkaa garaagaraa hojjetanii akka fidaniif isaan ajaje. Inni fedhiinsaa gitaara hojjetanii geessuu ta'us akka yaadetti milkaa'uu waan hindandeenyeef akka hojjetuufiif abbaasaatti himate. Abbaansaas kiraarra xiqqoo kan darbe gitaara inni hawwe hojjechuufi hin dandeenye. Ta'us, hojiin abbaasaa kun milkaa'inasaa har'aaf gama ogummaan ta'e meeshaalee ittiin hojjetaniin ka'umsa ta'uufi danda'eera.

### Gama gatiin hoo kan alaa galurraa fooyya'aadhaa?

Akka inni jedhutti, gitaari alaa galuu sadarkaa qulqullinasaarratti hundaa'ee qarshii kuma 16 hanga kuma 25tti yommuu ta'u inni garuu gitaara baay'ee filatamaa ta'e yoo baay'ate qarshii kuma 12fi500n gabaaf dhiyeessaa jira. Osoo gara gabaatti hinseenin dura gitaara lama hojjetee mana amantiif gumaacheera. Kunis mul'atasaa ganamaa waan ta'eef isa inni gurguree qarshii ittiin argate caalaa isa gammachiiseera. Mul'ata keessa ofii bulee dhugoomsuufi rakkoo mudateef qaama furmaataa ta'uu caalaa gammachuun daangaa hinqabne akka hinjirres dubbata.



### Rakkoolee hojiiratti isa mudatan

Fedhiin gitaara hojjechuu sadarkaa yaadaatti keessasaa bulee gara hojii qabatamaatti ceesisuun matumtisaa qormaata ture. Jalqabatti galtee akka 'playwood' akkasums komporsaatoo qararofaa fayyadamuun gitaaronni inni hojjetee amala babbaqaquu mul'isuurra darbee qulqullinni sagaleesaa gadi bu'aa ta'e. Istaandaardii gitaaraa idil addunyaan yommuu wal bira qabamanis gitaara inni hojjetee hangisaanii guddaa ta'ee argame.

Waaddeessa fayyadamee hojjechuu yaalus waddeessi amala lallaafuu waan qabuuf sagalee bareedaa baasuurratti rakkoo qabaachuu dubbata. Boodarra qorannoo taasisen mukti gaattiraa, "finest"fi "tooniiwood" mukkeen jedhaman mijatoo ta'uu adda baaseen ammaan tana mukkeen kunneenitti fayyadamee gitaara hojjechaa jira. Kana malees, rakkoo hangaan walqabatu maqsuuf qorannoo dabalataa taasisen gitaara filatamaafi hangisaa istaandardawaa ta'e hojjechuun gabaaf dhiyeessuurratti argama. Dargaggoon kun gitaara kana hojjechuuf kirriin sagaleefi meeshaaleen kirriin irratti hidhamuun sagaleen dhaga'amu baay'eensaani galtee biyya keessaatti sanuu naannawasaatti argaman fayyadama.

Gitaara hojjechuun hojii salphaa osoo hintaane hojii dhamaatiifi of eeggannoo guddaa barbaadudha. Qophii hanga halluu dibuutti hordoffiifi kunuunsa gahaa waan fedhuuf hojii nuffisiisaafi dadhabsiisaadha. Kanarraa ka'uun maatiinsaa illee hojii kana dhiisee hojii biraa akka hojjetuuf dhiibbaa isarratti uumaa turan. Isaaf garuu hawwiifi mul'ata ganamaa waan ta'eef hojii gitaarraa gara hojii biroo deemuun qormaata itti ta'uun gitaara hojjechuutti ciche.

Jalqabattuu hojii gitaaraan qabeenya kuufachuu osoo hintaane manneen amantii keessatti fedhii gitaaraaf jiru



guutuu ture. Oolee bulee dhimmichi dhagaa tokkoon simbira lama akkuma jedhamu madda galiis ta'uu hubatee bal'inaan hojii kana keessa galuuf dirqame.

### Muluqan hojii gitaaraa qofa moo hojii biraa qaba?

Barnootasaa xumuruun Bara 2011 Godina Guraagee bakka Hawaariyaatti jedhamutti Dhaabbata Leenjii Tekniikaafi Ogummaatti barsiisaa elektrisiitii ta'ee qacarama. Ogummaa olaanaa waan qabuuf osoo hinturiin Dhaabbata Leenjii Tekniikaafi Ogummaa Itiyoo-Chaayinaa kan Finfinneetti argamuurraa barnoota dabalataa akka baratuuf carraan kennameef. Dhaabbata kanatti ogummaa gitaara hojjechuu caalaatti akka gabbifatu isa gargaareera. Barnoota biroon cimaa ta'us Muluqan gitaara hojjechuurraa fagaachuu waan hinfeneef ganna wayita boqonnaaf biyyatti deebi'u gitaara hojjechuurratti fuuleffate.

### Hojii gitaaraa kanaan beekamtiin kennameef jiraa?

Muluqan akkuma nama baadiyyaatti dhalatee mul'atasaa dhugoomsuuf carraaquurra kan darbe hojii gaariin beekamtii akka hordofsiisu hinbeeku ture. Kanarraa ka'uun haala ittiin gitaara hojjetan bifa sanadaan qopheessaa waltajjii kalaqaa kamirrattuu hirmaatee hinbeeku, akka hirmaatuufis nama isa onnachiisu hinqabu ture. Yaaduma keessasaa burqeen hojiitti hiikuun gitaara hojjechuurra kan darbe barreeffamaan wanti gumeesse hinturre. Kunis ijoollummaafi baadiyyummaan akkasumas bilchina sammuu akka walqabatu dubbata. Kanaaf hanga ammaatti hojiisaa kana waltajjii kamirrattuu dhiyeessee hinbeeku. Amma garuu gitaara daran ammayyawaa hojjetaa jiru tokko ilaalchisee barreeffama qopheessaa akka jiruufi sanas waltajjii kalaqaarratti fudhatee argamuuf karoora akka qabu dubbateera.

### Mul'atnisaa fuulduraa hoo?

Gitaari meeshaa muuziqaa baayyootaan filataman keessaa isa tokko ta'us sadarkaa idil addunyaattuu biyyoota muraasa qofatu hojjetta. Biyya keessattis fedhiin gitaaraaf jiru daran olaanaadha. Innis kanuma bu'uura godhachuun galii gitaarraa argatuun hanga danda'etti maashinoota barbaachisan guuttataa jira. Kaayyoonsaa gitaara dabalatee meeshaalee muuziqaa dhiyeessii biyya keessaan gara biyya alaatti erguun maqaa Itoophiyaa waamsisuudha. Kana dhugoomsuufis gamasaan gahumsaafi kutannoo qabu olaanaadha.

Mul'atasaa kana karaa guutuun dhugoomsuuf mootummaafi abbootii qabeenyaarraa waan fedhu qaba. Inni tokkoffaan bakka gabaaf bal'aan jiru akkasumas kutaalee biyyattii garaagaraatti omishasaa kana gurgurachuuf magaalaa Finfinnee keessaa bakki hojii akka isaaf kennamu fedha.

Gama biroon mukti gitaara hojjechuuf daran mijataa ta'e kan biyyootni guddatan gitaara irraa hojjetan biyya keenya keessattis misoomuu akka danda'u odeeffachuu himee; mootummaan Sagantaa Ashaaraa Magariisaan biqiltuu dhaabuu bira darbee biyyootaafis gumaachaa akkuma jiru biqilaa muka gitaari irraa hojjetamuu kana akka biyya fidu gaafateera.

Mukti kun yoo biyya keessatti misoomu gitaara sadarkaa gabaaf addunyaatti dorgomaa ta'ee salphaatti hojjechuuf isa gargaara. Kana malees, warshaalee tokko tokkoo waliin qindoomina uumuuf carraan kan isaaf mijatu taanaan galtee gitaaraa biroos karaa guutuu ta'een biyya keessatti hojjechuuf hagas mara ulfaataa miti. Deeggarsi kun kan isaaf taasifamu yoo ta'e carraa hojii uumuun ofiif lammiilee birooof wabii ta'uu bira darbee gitaara sadarkaasaa eeggate biraandii Itoophiyaan gabaaf addunyaaf dhiyeessuuf qophiidha.



# Abbaa Sa'aa



## Harka tokkoon sanyii gahe sassaabaa, isa hafeen qonna boneetiif qophaa'uu

### Bayyanaa Ibraahimiin

Damee qonnaatiin bara bajataa xumurame 2016tti guddina waliigalaa 6.8 ta'e galmeessuun kan danda'ame yemmuu ta'u, waliigalaan omishni kuntaala miliyoona 700 ta'u biyyattii keessatti omishuun kan danda'ame ta'uu Pirezidaanti Taayyee Asqasillaasee haasaa baniinsa Manneen Maree Bakka Buu'oota Ummataafi Mana Maree Federeeshiinii irratti taasisaniin himaniiru.

Akka waliigalaatti imalli omisha qonnaa biyyattii sadarkaa fooyya'aarratti kan argamu ta'uu himanii, hunda caalaa immoo guddinniifi jijjiiramni gama omisha qamadiitiin biyyattii keessatti galmaa'aa jiru hedduu kan nama boonsuufi seenaa haaraa kan galmeessaa jiruudha. Bu'aan waggoota muraasaa as gama omisha qamadiitiin biyyattii keessatti galmaa'aa jirurraa muuxannoo gaariin kan argame ta'uus eeraniiru.

Bara bajataa 2016 omisha arfaasaatiin omisha kuntaala miliyoona 120 ta'u argachuun kan danda'ame yemmuu ta'u, omisha jallsii fayyadamuudhaan immoo qamadii kuntaala miliyoona tokkoofi torba ta'u argachuun danda'ameera.

Waliigalaan yemmuu ilaallamu immoo waqtii arfaasaa bara darbee qofa biyyattiin omisha qamadii kuntaala miliyoona 230 ta'u omishuu dandeesseetti. Kanaanis biyyattiin seenaa ishee keessatti qamadii alatti erguudhaan sharafa alaa kan itti argatte waggaa lammataa waan ta'eef guddina dinagdee biyyattii keessatti hiikkaa olaanaa kan qabuudha.

Gama biraatiinis omishaalee akka boqqolloofi ruuziirratti hojii xiyyeeffannoo addaatiin hojjatameen jijjiiramni qabatamaan mul'achaa kan jiru yemmuu ta'u, kunis omisha olaanaa gama qamadiitiin jirutti dabalamuudhaan biyyattiin omisha sanyiiwwan garaa garaa kuntaala miliyoona 700 ta'u omishtee alatti erguudhaan sharafa alaa akka argattu taasisuu keessatti shoora hintuffatamne bahachaa jira.

Gama lafa qonnaaf oolaa jiruutiin immoo bara bajataa 2015tti lafti qotame hektaara miliyoona 20.3 kan ture yemmuu ta'u, bara 2016tti lafa dabalataa hektaara miliyoona

shan ta'u dabaluuudhaan waliigalaan lafa omisha qonnaa garaa garaatiif qotamuu gara hektaara miliyoona 26tti guddisuun danda'ameera.

Lafa qonnaaf oolu babal'isuu qofaan osoo hintaane, omishaafi omishtummaan akka dabaluuufi waqtiwwan akka gannaa, arfaasaafi bonatti immoo jallsitti fayyadamnee omishuudhaan dameen qonnaa biyyattii boqonnaa haaraa keessa akka galu taasisuunis danda'ameera.

Kana qofa osoo hintaane, gama inisheetivii maaddii guutuutiin naannolee hundatti kaka'umsi cimaan uumamuusaatiin jijjiiramni guddaan mul'achaa jira.

Waggoota shanan darbanitti wantoota omishtummaan qamadii akka dabaluu dandeesisan keessaa tokko waqtii tanaan dura qamadiin itti omishamee hinbeekne, bonatti jallsiitti gargaaramuudhaan omishamuun eegalamuun isa tokkoofi isa ijoodha.

Iddoowwan tanaan dura qamadiin qofti irra deddeebiidhaan itti omishamaa tureefi sababa sanaan albuudni omishaaf barbaachisaa ta'e keessaa hir'atetti immoo biyyoon akka yaalamuufi albuudota omisha midhaaniitiif barbaachisaa ta'e akka horatu taasisuunis bu'aawwan argaman keessatti shoorasaa kan bahatu yemmuu ta'u, dabalataan immoo iddoowwan tanaan dura qonnaaf oolani hinbeekneefi gammoojjummaan itti baay'atu heddutti omishni qamadii akka baratamu kan taasifames waggootuma kanneen keessatti

Waggoota shanan darbanitti xiyyeeffannoo olaanaa akka biyyaati omisha qamadiitiif kennameen baay'ina naannolee qamadii omishaniifi bal'ina lafa qamadiin itti omishamuus bifa olaanaa ta'een dabaluuun danda'ameera. Jalqaba hojiin kun naannoo tokko qofaa irratti kan eegalame yemmuu ta'u, yeroo ammaa garuu naannoleen sagal hojii omishaa kana keessa galaniiru.

Waggaa afran har'aa yaadniifi karoorii qamadii hedduminaan omishuu yemmuu ka'u galmoota guguddoo lama milkeessuuf ture. Isaanis; inni jalqabaa fedhii bal'aa biyya keessaa jiru furuudhaan hirkattummaa gargaarsa qamadii biyyoota alaa jalaa bahuuf yemmuu ta'u, inni lammataa immoo fedhii biyya keessaa irraa hafee gara alaatti

ergamuudhaan rakkoo yeroorraa yerootti hudhaa dinagdee ta'aa jiru hanqina sharafa alaa kan furuudha.

Naannoo Oromiyaatti omisha qonna gannaa gahe humna namaafi kombaayinara fayyadamuudhaan hojiin sassaabuu cimtee ittifufuu Biiron Qonnaa Naannichaa ni ibsa. Naannichatti akaakuuwwan sanyii omisha gannaatiin misoomanii sassaabamaa jiran keessaa; qamadii, ruuzii, boqolloo, bolooqqee xiifii humna namaa baay'inaan fayyadamuudhaan akkasumas maashinoota sassaabbii midhaaniitiif oolan kanneen akka kombaayinara fayyadamuudhaan sassaabamaa jira.

Omisha hanga ragaan kun qindaa'utti sassaabamerra callaan kuntaala miliyoona 16.5 ta'u argamuu ragaan Biiron Qonnaa naannichaa ni agarsiisa.

Omisha gannaa kanaan akka naannoo Oromiyaatti lafti hektaarii miliyoona 11.6 ta'u akaakuuwwan midhaan garaa garaatiin misoomuu kan himan Biiron Qonnaa Oromiyaatti Ittaanaan Hogganaa Damee Misooma Midhaanii Obbo Mustafaa Huseen, omisha haala gaariin gahe kana walitti qabuuf xiyyeeffannoon hojjatamaa jiraachuu ibsu.

Akka ibsasaaniitti; sanyiiwwan omisha gannaatiin omishaman keessaa harki guddaan toora kallattii mootummaa isa guddaa kan ta'u omisha qamadiitiin kan uwwifame yemmuu ta'u, kanaanis lafti hektaarii miliyoona 8.8 ta'u omisha qamadiitiin kan uwwifameefi inni hafe immoo gosoota sanyii midhaanii akka; garbuu, xaafii, bolooqqee, boqolloofi kanneen birootiin uwwifameera.

Akka naannootti omisha qonnaa ganna kanarraa calla kuntaala miliyoona 337 ta'u argachuudhaaf kan karoorfame yemmuu ta'u, wanti karoorfame kun sababa rooba waqtiisaa hin eegganneen akka hinhir'anneef duulli yeroon sanyii gahe sassaabuu gaggeeffamaa jira.

Haaluma walfakkaatuun hojiin omisha gannaa sassaabuu kutaalee biyyattii garaa garaatti gaggeeffamaa kan jiru yemmuu ta'u, naannoo Tigraayittis omisha gannaa baranaa keessaa hanga ammaatti dhibbantaan 50 sassaabamuu Biiron Qonnaa Naannichaa ibseera.

Omisha qonna gannaa baranaatiin naannichatti lafti hektaara kuma 727 ta'u sanyiiwwan akaakuuwwan garaa garaatiin misoomuu kan himan ammoo Biiron Qonnaa Naannichatti Ittigaafatamaa Waajjira Obbo Abarraa Kidaanuuto. Omisha gannaa kana keessaas hanga ammaatti harki walakkaan ykn dhibbantaa 50 ta'u sassaabamuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti; rooba waqtiisaa hin eegganne yeroo ammaa darbee darbee naannichatti rooba jiruun sanyiin ganna omishame kun akka hin miidhamneef hojiin yeroodhaan sassaabuu hojjatamaa jira. Kunis hojii bifa idileetiin namni hundi ooyruusaa qofa qofaasaa sassaabuun waan milkaa'uu danda'uu miti. Kanarraa ka'uudhaan aadaawwan walgargaarsaa hawaasicha keessa jiru fayyadamuudhaan ummachi bifa dabootiin walgargaaree hojii sassaabbii midhaanii kanarratti hirmaachaa jira.

Kana qofaas osoo hintaane gurmaa'inoota hawaasaa kanneen akka afooshaafi kanneen biroo gargaaramuudhaan sanyiin gahe kun osoo hin miidhamne yeroodhaan sassaabamee ummata rakkoo waraanaa waggootan lamaan dura naannichatti gaggeeffamaa tureen hanqina midhaan nyaataatiif saaxilamee ture akka sooruuf xiyyeeffannoo addaatiin hojjatamaa jiraachuu Obbo Abarraan ni ibsu.

Misooma qamadii bonaatiin bara kana lafa hektaara miliyoona afur ta'u misoomsuuf karoorfamee hanga ammaatti lafti hektaarii miliyoona 1.3 ta'u qotamee kan qophaa'e yemmuu ta'u, lafti hektaarii kuma 600 ta'u immoo faca'uu ragaan Biiron Qonnaa Oromiyaa ni mul'isa.

Misoomni qamadii bonaa godinaaleefi aanoota keessatti jiidhinsa amma jirutti gargaaramuun qophii lafaafi facaasaan haala gaarii ta'een gaggeeffamaa jiraachuufi ammas lafa oomishni qonna gannaa irraa ka'ee misoomutti sassaabbiin yeroon gaggeessuudhaan gara misoomaa bonaatti akka galamuuf sochiin taasifamaa jiru kan jajjabeeffamuudha

Walumaagalatti; harka tokkoon sanyii ga'e roobaan akka hin miidhamne sassaabaafi harka tokkoon immoo omisha boneetiif qophaa'uun gahee qonnaan bulaa hundaati.



# AADAIFI AARTII

## “Hawaasa keessatti waan toleefis waan badeefis anis atis gumaachineerra”

- Doktor Asaffaa Tafarraa Dibaabaa

### Saamraawii Girmaatiin

Seenaa hogbarruu Afaan Oromoo keessatti iddoo olaanaa qabu. Kitaabota 14 ol Afaan Oromoofi Afaan Ingiliziin kan barreessan yoo ta’u, keessumaa fayyadama jechoota Afaan Oromootiin dubbistootaaniitiin dinqisiifannaa kan argataniidha. Afaan Ingiliffaas akka afaan dhalootaasaaniitti dubbachuufi ittiin barreessuu danda’u. Barreessaan abbaa ogummaa hedduutis; Doktor Asaffaa Tafarraa Dibaabaa.


Waloo, Barreessaa, Qorataa Aadaafi Ogummaa Oromoo akkasumas, Barsiisaa Doktor Asaffaa Tafarraa Dibaabaa, Godina Wallagga Lixaa, Aanaa Jaarsootti maatii qonnaan bulaa keessatti dhalatanii guddatan. Barsiisummaafi barreessummaan kan umuriisaanii harka caalu itti dabarsaniidha.

Keessumaa Oromoo hedduu biratti kan beekaman barreessuun yoo ta’u, waggoota 30n darbanitti kitaabilee kanneen akka Edas Edanas, Anaaniyaa, Danaa, Finfi akkasumas Kitaabilee Ingiliffaa “Theorizing the Present, Decorous Decorum, Ate-loon”fi kanneen biroo barreessaniiru. Kitaabonni Afaan Oromoo kunneenis guddina ogbarruu Oromoo keessatti waan guddaa gumaaniiru jechuun ni danda’ama.

Doktor Asaffaan, ogbarruu Oromoo Afaan Oromoofi Ingiliffaan gabbisani baargamanaafi gamatti akka dubbifamu, dubbifamuun olitti akka jaalatamu, akka guddatuuf namoota ofii wareeganii gumaachan muraasa keessaa kan jalqabaa, tariimmoo hangafa jedhamanii nama ibsamuu danda’aniidha. Kitaabnisaanii Ingiliffaan haa barraa’u malee “aadaa Oromooti cuuphadheetani kanan barreessu” jedhu.

Gaaffii Oromoon mee maal qabatee addunyaatti gadi baha jedhu deebisuuf jecha Ingiliffaan akka barreessaniifi hariiroo namaafi uumamaa keessatti maaltu akka maleedha waan jedhu walaloo isaaniin akka xiinxalanis ni dubbatu.

Akka waliigalaatti, kitaaba kan barreessan dubbisuurraa akka ta’efi keessumaa yeroo isaan baratan barreeffamoota afaan Oromootiin ala jiran kanneen akka kan Tsaggaayee Gabra Madihiin (Qawweessaa) dubbisaa turuu yaadatu. Kitaabota barreessitoota warra lixaatiin Ingiliffaan barreeffaman keessaas kan barreessitoota biyya Libaanoonfaa dubbisaa akka turan himu. Akkasumas aadaa keessatti guddatan, isa baadiyyaa loon tiksaa, qonnaafi wantoota addaddaa raawwachaa itti guddatan kan caqasan ta’uu kaasu.



Baay’ee dubbisuurraa kan ka’ee gaaffiileen jiruufi jireenya ummataa keessoosaaniitti uumamaa dhufuu, waan ummataa ba’uu qabu, waan itti hir’atu caqasuurraa barreessuu akka eegalan kan himan barreessaan kun, gaaffii keessa namaatti uumamu kanaafis furmaanni maali isa jedhu barbaaduurraa gara barreessuutti xiyyeeffachuusaanii ibsu.

Doktor Asaffaan waa’ee ummata Oromoo, siyaasa, rakkoolee hawaasa, dhimma afaanii, aadaa, eenyummaa, diddaa, qabsoo dargaggootaa, bilisummaa ummata Oromoofi kkf irratti hojiiwwan ogbarruu hedduu keessatti hayyuu ibsan yoo ta’an, walaloo, asoosamaafi barruu qorannoo hedduu barreessaniiru. Hanga ammaatti kitaabota 14, barreeffamoota qorannoo, barreeffamoota falmiifi qunnamtii gaggabaaboo hedduu maxxansiisaniiru.

Aadaan dubbisuu dhaloota ammaa daran dadhabaa ta’uu kan eeran hayyichi, kanaafis sababoonni ijoon miidiyaan hawaasummaa heddummachuufi ammayyumaan guddachuusaatiin yoo ta’u, silaa kunneen tumsuu malee laaffisuu hinqaban ture jedhu.

Biyyoota fayyadamni miidiyaa hawaasaa bal’inaan keessa jiru kanneen akka Ameerikaa jiraatanii kan argan Doktor Asaffaan, achitti manneen kitaabaa hedduu jiraachuu, isa jiruttiyyuu dabalamee ijaaramaa jiraachuu himu. Maatiinis dhuma torbanii sanbattan irra

daa’immansaa fudhatee mana kitaabaa akka deemu akkasumas cinaa bakka bashannanaatti manni kitaabaa jiraachuu taajjabuusaanii dubbatu.

Kana malees namni geejiba keessa taa’ee imalu walitti odeessaa osoo hintaane kitaaba dubbisaa akka deemu kaasanii, gara biyya kanaatti yommuu dhufamu garuu daran laafaa ta’uu himu. Isa kana furuuf furmaata barbaaduun dirqama ta’uufi dhaloonni hindubbisne, of hinbarbaadne, eessaa eessatti deemaa akka jiru hinqeeqne biyya dhaaluuf abdatamuu akka hindandeenyes ni eeru.

“Dhimmi kun barreessitoota qofa kan yaadessu ta’uu hinqabu. Mootummaas yaadessuu qaba. Qooda fudhatoota kanneen akka manneen barnootaa sadarkaa olaanaa kana xiyyeeffannaadhaan irratti hojjechuutu itti ture.

Akka hoteelli baay’ataa jiru manneen kitaabaa ummataallee baay’ataa deemuutu irra ture. Akkuma misooma koriidariiratti invasti godhamu manni kitaabaa sadarkaa eeggate kutaalee magaalaatti ijaaramuufi babal’ataa deemu qaba ture. Namni aadaa dubbisuu horachuuf ammoo bakka taa’ee dubbisu qopheessuufin dirqama” jedhu.

Yoo kana ta’uu baate barreessitoonnis barreessuu, maxxansiisuufi raabsuuf humna dhabaa akka deeman kaasanii,

maallaqni kitaabarraa sirnaan sassaabamee deebisani hojii biraa hojjechuuf oolaa akka hinjirre ibsu. Haala kanaan aadaan dubbisuufi humni dubbisuullee walutubaa akka hindeemne ta’aa jiraachuu eeru.

Kitaabni Dilbata darbe Adaamaatti eebbifame Atis/ Anis jedhamu hojiiileesaanii hanga yoonaa kan mataa walitti qabu ta’uu kan himan Doktor Asaffaan, seenaan kitaabichaas kan ofiisaanii ykn Sanyabsa Seena Ofii (‘Ethnographic Auto Biography’) ta’uu ibsu. “Kanin barreessetis namni bor waan ta’uu hinbeeku; rafee hafuutu jira, lafti namaa dhiitee bariitee bor arguun carraa waan ta’ee, bor ana ykn carrichatu hinjiru. Namni waa itti dabalee, sobee faayee barreessuurra anumti waanin ta’ee fi waanin godhe, waanin yaadadhu iftoomaan ani barreesset dhalootaaf lafa kaa’ee darbe wayya.

Seenaakoo qofas miti. Aadaan galaana. Anis atis immoo qurxummiidha. Keessa daakna, yoo nyaatamne nyaatamna; yoo bane baana. Anis aadaa kana keessa waanin jiraadheef ummata kanarraa adda hinta’u jechuudha. Waan toleefis waan badeef anis atis gumaachineerra. Kanaaf seenaan kun seenaa kiyya qofa osoo hintaane keetis” jedhu.

Kitaabni kun boqonnaawwan shaniifi fuulawwan 511 kan qabu yoo ta’u, bara 2016 maxxanfamee gabaarra kan ooledha.



# Ilaamee...

## Iccitiwwan milkaa'inaa damee qonnaa waggoota shanan darbanii

Bayyanaa Ibraahimiin

Misooma qamadii bonaatiin bara kana lafa hektaara miliyoona afur ta'u, misoomsuuf karoofamee hanga ammaatti lafti hektaarii miliyoona 1.3 ta'u qotamee kan qophaa'e yemmuu ta'u, lafti hektaarii kuma 600 ta'u immoo faca'uu ragaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa (BQO) ni mul'isa.

Misoomni qamadii bonaa godinaaleefi aanoota keessatti jiidhinsa amma jirutti gargaaramuun qophii lafaafi facaasaan haala gaarii ta'een gaggeeffamaa jiraachuufi ammas lafa omishni qonna gannaa irraa ka'ee misoomutti sassaabbii yeroon gaggeessuudhaan gara misooma bonaatti akka galamuuf sochiin taasifamaa jiru kan jajjabeeffamuudha.

Waggootan shanan darban gama seektara qonnaatiin seenaan haaraa kan itti galmaa'e yommuu ta'u, kanaanis biyyi waggoota dheeraadhaaf qamadii gargaarsa alaafi bittaa alaatiin maqaanshee beekamu Itoophiyaan yeroo jalqabaatiif yeroo qamadii gara biyyoota alaatti erguu itti eegalteedha.

Qamadiin kanaan dura nyaata biyya keessaafuu hanqate akkamitti waggootan gabaabaa kana keessatti dachaa hedduun dabalee hanga ala ergamuutti ga'ame? Gaaffii jedhuuf immoo deebiin, lffaa; lafti kanaan dura waggatti yeroo tokko qofaa rooba gannaatiin oomisha kenna ture jallisii fayyadamuudhaan waggatti yeroo lama akka omishamu taasifamuu, iddoowwan tanaan dura omishni qamadii itti hinbaramnetti bifa inisheetiiviitiin omishni qamadii karaa hammayyaatiin irratti babal'achuu jalqabuu, guddiftuu callaafi galteewwan qonnaatiif xiyyeeffannoon addaa kennamee yeroodhaan qonnaan bulaa harka akka gahan taasisuuniifi, lafa roobni itti baay'ate sanyii gahaa kenna hinturre immoo nooraadhaan yaalamee omisha gaarii akka kennu taasisuun sababoota guguddoo daballi omishtummaa kanaatiif shoora olaanaa taphataniidha.

Milkii damee qonnaa waggootan shanan darbanii keessatti mul'achaa turan keessaa inni lafa dulloome yookiin bishaan itti baay'atusaatiin yookiin immoo yeroo hedduu sababa sanyiin gosa tokkoo irratti deddeebi'ee faca'uudhaan miidhamee biyyoonsaa gara asiidawaatti geeddarama nooraadhaan yaalanii deebi'ee omisha akka kennu taasisuu hojii haala addaatiin ilaallamu ta'uu Hogganaa Ittaanaan Biiroo Qonna Oromiyaa Damee Qabeenya Uumamaa Obbo Eeliyaas Kadiir ni dubbatu.

Akka ibsasaaniitti, gadi fageenya rakkoo kana sirriitti hubachuun waggootan shanan darbanitti warshaa nooraa omishu hundeessuu qofaa osoo hintaane, yeroo yerootti maashinootni dabalataa akka dhaabbataniifi haalli raabsaasaas akka fooyya'u taasisuudhaan warshaa Godina Shawaa Lixaa, Magaalaa Gudaritti argamu kanaan lafa Oromiyaa rakkoo asiidummaa qabu hundaaf raabsamaa jira.

Bara qonnaa darbetti lafa asiidummaa biyyootiin miidhame deebisanii misoomatti galchuuf hojii hojjatameen nooraa kuntaala kuma 300 ta'u omishuun qonnaan bultoota



Lafa asiidummaa biyyeerraa bilisa ta'eerratti omishaaf oole

rakkoo akkasii qabaniif kan raabsame yoo ta'u, bara qonnaa eegalametti immoo Nooraa kuntaala kuma 800 ta'u omishuun qonnaan bultoota laftisaanii rakkoo asiidummaatiin miidhamaa jiraniif raabsuudhaaf karoofamee jiraachuu himu.

Yeroo ammaa warshaan Nooraa omishu maashinoota jaha fayyadamuudhaan naannichatti lafa sababa dulloomuutiin asiidummaa biyyootiif saaxilame deebisanii bayyanachiisuuf sochii taasifamu tumsaa kan jiru yemmuu ta'u, maashinootni Warshaa Nooraa Gudar keessatti argaman kunniin akka biyyaattis kan muuxannoon irraa fudhataman ta'uu kaasu.

Lafa naannoo Oromiyaa keessaa lafti dulloomee biyyoonsaa asiidawaa ta'e hektaara miliyoona 2.3 yommuu ta'u, naannoo Oromiyaatti godinoota 15 ta'an keessatti rakkoon kun akka mul'atus ni eeru.

Lafa sababa biyyoo asiidawaatiin osoo omisha hinkennine waggoota saddeetti ol ture nooraa fayyadamuun yeroo ammaa omisha gaarii argachaa jiraachuu immoo qonnaan bultootni Godina Shawaa Lixaa ni dubbatu.

Lafti tokko rakkoo asiidummaa biyyee horate jechuun kanaan dura akka waan deebi'ee omisha hinkennineetti fudhatamaa turuu kan himan immoo Daarektarii Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa Obbo Tashoomee Boggalaa, hojiin waggootan muraasa darbanitti rakkoo kanaaf fala barbaaduuf hojjatamaa ture garuu ilaalcha kana cabsuun deebisanii omisha akka kennu taasisuun kan danda'amu ta'uusaa kan itti mirkaneeffame ta'uu dubbatu.

Akka yaadasaaniitti, lafa sababoota garagaraatiin dulloomee biyyoonsaa omisha kennuu dhiise yaalanii akka deebi'ee omisha kennu taasisuudhaaf hojiiwwan qorannoo walirraa hincitne taasifamaa kan turan yemmuu ta'u, tattaaffiin qorannoo rakkoo kana furuudhaaf taasifamaa ture immoo deeggarsa hoggansaa guutuu argachuusaatiin yeroo ammaa furmaata bira gahamuu dubbatu. Asiidummaan yookiin dhangaggaa'ummaan biyyee kun yeroo hedduu kan uumamu lafa roobni itti heeddumatuufi hawaasni irratti baayyatee jiraaturratti 'Ph'n lafaa 7 gadi ta'e ta'uus ni kaasu.

Lafa haala kanaan albuudni keessoosaa jiru keessaa hir'atee omisha barbaachisu kennuu

dhaabe immoo nooraan yoo yaalame omisha dachaan argachuun waan danda'amuuf hojii isaa babal'isuurratti hojjetamuu akka qabu hubachiisu.

Obbo Bariisoo Fayyisaa Hogganaa Ittaanaa Biiroo Qonna Oromiyaa daawwannicharratti argamuun lafa dhangaggaa'ummaan miidhame nooraan yaaluun omishtummaa lafaa dabaluu hojii amma jalqabame caalmaatti babal'isuun galma omishtummaa guddisuuf qabame milkeessuuf xiyyeeffannoon kan hojjetamu ta'uu ibsuun, Godina Shawaa Lixaa Aanaa Walmarattis hojiin fakkeenyummaa qabuufi muuxannoo gaarii ta'e hojjetamuu eeraniiru.

Bulchaan Godina Shawaa Lixaa Obbo Didhaa Guddataa gamasaaniin, dhangaggaa'ummaan lafaa akka Godina Shawaa Lixaatti bal'inaan jiru Nooraadhaan yaaluun omishtummaa guddisuuf hoji jalqabbii amma jiru caalmaatti cimsuuf qophii ta'usaanii ibsaniiru.

Godinichatti rakkoon kun bal'inaan kan mul'atu ta'usaatiin duulli lafa dhangaggaa'ummaa biyyootiif saaxilame nooraan yaalanii gara omishaatti galchuudhaan badhaadhina eegalame dhugoomsuuf yeroo kamiyyuu caalatti kan hojjetan ta'uus ni himu.

Qonnaan bultoonni Aanaa Walmaraa lafa dhangaggaa'ummaa biyyeen miidhamee waggoota kudhaniif omisha kennuu didee taa'aa ture nooraan yaaluun garbuu irratti misoomsan haala gaariirra jiraachuufi omisha guddaa irraa argachuuf abdi kan qaban ta'uu ibsu.

Omishaafi omishtummaa damee qonnaa waggootan shanan darbanii osoo addaan hincitiin cimsanii itti fufsiisuudhaaf hojiin biyyoo dulloomee asiidummaan itti baay'ate yaalanii misoomaaf oolchuun kun shoora olaanaa kan bahatu ta'us, kun qofti garuu gahaa miti jedhu.

Bu'aan gama seektara qonnaatiin galmaa'aa jiru kun cimee akka itti fufuuf karooraafi qorannoo raawwii ogeessaafi hoggansa hammate taasisuu, ragaa sakatta'insa sassabbii duraa xumuruu, sassaabbii omishaa qopheessuu, itti fayyadama makaanaayizeeshinii cimsuun maloota sassaabbii ammayyaa'ootti gargaaramuudhaan omisha ga'e yeroon sassaabuun barbaachisaadha.

Badhaadhina maatii waliin walqabatee hojii omishaa guddisuurra darbee qonnaan bultootniifi horsiisee bultoonni omisha gabaaf dhiheessuuf karoofatan dhiheessuun kan gurguratan irraa immoo qusachuun gara investimantiitti akka ce'aniif xiyyeeffannoon irratti hojjetamuu akka qabu hubachiisu.

Hojiimisooma qamadii bonaan omishtummaa dabaluu yeroo kalaandarii facaasa ta'e keessatti facaasuun xumuruu, galteewwaniifi paampii bishaanii barbaachisan yeroon akka qaqqabuufi hojiirra oolmaa isaanii hordofuu, sakatta'insa maasaa yeroon taasisuun kunuunsa barbaachisu taasisuu, ragaa GPSn fudhachuu, sakatta'iinsa ilbisoota weerartuu qamadii jallisii bonaa yeroo yeroon taasisuufi karoora raawwii hojii guyyaa guyyaa ilaalaa deemuunis dirqama ta'uu kaasu.

Misooma muduraafi kuduraa bonaa gaggeeffamaniifis galteewwan barbaachisan xiyyeeffannoon dhiheessuun deeggarsaafi hordoffii ogummaa barbaachisu taasisuunis waan dagatamuu hinqabne ta'uu yaadachiisu.

Omishaafi omishtummaa beeyladaa guddisuuf hojii misooma aannanii mala namaan loon rimaa qabsiisuurratti jalqabame cimsuu, misooma furdisa horii foonii, sagantaa maaddii guutuu hojiirra oolchuuf paakejiwwan barbaachisan hunda xiyyeeffannoon raawwachuun, inisheetiivii misooma dammaa raawwachuuf dhiheessiifi raabsa gaaguraa cimsuun omishatti galuu isaa hordofuu akka barbaachisu ni himu.

Misooma qabeenya uumamaatiin qophii kompoostii idileefi raammoorratti hojii jalqabame cimsuufi giddugaleessota qophii kompoostii raammoo ijaaraman hojiitti galchuu, kunuunsa biqiltuu ganna dhaabbatani kunuunsa isaa cimsuun itti fufuu, sanyii biqilaa bara dhufu dhaabbatuu yeroon qopheessuun hojiitti galuu, hojii eegumsa biyyee bishaanii yeroo bonaa hojjetamaniif qophii barbaachisu taasisuunis murteessaadha.

Walumaa galatti, milkiwwan damee qonnaatiin waggootan shanan darbanitti galmaa'aa turan itti fufsiisuudhaaf kunuunsa qabeenya uumamaa irraa ka'ee hanga lafa miidhame yaalanii deebisanii omishaafi oolchuutti walitti hidhamiinsi uumame cimee itti fufuu qaba.



# Ilaamee...

## Maalummaafi faayidaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa (Faaydaa)

### Natsaannat Taaddasaatiin

Maalummaafi faayidaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa qabu ilaachisuun gaafdeebii Sagantaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaati, Ittigaafatamaa Kominikeeshiniifi Hariiroo Hawaasaa Obbo Abeenezar Fallaqa waliin taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineera.

**Bariisaa: Itoophiyaatti hojiirra oolmaan Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa yoom jalqabe? Kenniinsi waraqa eenyummaa kun yeroo ammaa sadarkaa akkamii irra jira?**

**Obbo Abeenezar:** Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa addunyaarratti erga hojiirra ooluu jalqabee waggoota hedduu lakkoofsiseera. Istooniyaa, Filiippiinsifi Hindiin biyyoota addunyaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa hojiirra oolchuun sadarkaa duraarratti beekamaniidha. Biyyoota Afrikaa keessaa kanneen akka Gaanaa, Ruwaandaa, Afrikaa Kibbaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa erga hojiirra oolchani turaniiru. Itoophiyaan hojiirra oolmaa waraqa eenyummaa kana turtee kan jalqabde ta'us jijjiirama guddaa galmeessisaa jirti. Kana hordofuudhaan Magaalaa Finfinnee Yaa'ii biyyoolessaa "Id For Africa" jedhu kan Caamsaa bara 2017 keessa adeemsifamu akka qopheessituuf filatamteetti.

Sagantaan Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa sirna waraqa eenyummaa dijitaalaa guutummaa biyyattiitti hojiirra oolchuuf hojjechaa jira. Dhaabbanni saganticha hojiirra oolchu ALA bara 2021 Waajjira Ministira Muummee Itoophiyaa jalatti hundaa'e. Kaayyoo guddaan hundeeffama dhaabbatichaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa (Faaydaa) lammiilee Itoophiyaa eenyummaa seeraa qaban hundaa' kennuudha. Waraqa Eenyummaa Faaydaa qaqqabamaa taasisuun lammiileen tajaajila si'ataafi haqa qabeessa akka argatan taasisa. Akkasumas lammiileen waraqa eenyummaa dijitaalaa hunda hammataafi nageenyisaa amansiise qabaachuun jireenya fooyya'aa akka jiraatan taasisuuf gargaara.

**Bariisaa: Waraqa Eenyummaa Faaydaa waraqa eenyummaa biroorraa maaltu adda isa taasisa?**

**Obbo Abeenezar:** Sirnoonni Waraqa Eenyummaa yeroo ammaa biyyattiitti hojiirra oolaa jiran faayidaa guguddaa lama qabu. Inni tokkoffaan waraqa eenyummaa gandaa eenyummaa ibsu yoo ta'u, inni lammaffaan ammoo tajaajila kennuun walqabata. Waraqaan eenyummaa kanneen akka eeyyama konkolaachisummaa, paaspoortiifi kanneen kana fakkaataniidha. Waraqaaleen eenyummaa kunneen dhimmoota qophaa'aniif qofaaf tajaajilu.

Waraqaan eenyummaa bu'uraa kaayyoo akka Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa qabu biyyattii keessa hinturre. Waraqa eenyummaa bu'uraa jechuun eenyummaa nama tokkoo karaa adda ta'een agarsiisuu kan danda'uufi tajaajila mootummaafi dhuunfaa gosa hunda waraqa eenyummaa tokkoon akka fayyadamnu kan taasisuudha. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa lammiileen kutaa biyyattii kamiifi hawaasa kamiyyuu tajaajila sadarkaa biyyaatti kennamu haala hunda hammateen salphaatti akka argatan kan taasisuudha. Waraqaan eenyummaa kun lammiilee biyya keessa jiraniif qofa utuu hintaane, lammiilee sababa eeyyama jireenyaan, eeyyama hojiifi barnootaafi dhimmoota biroon biyya alaa jiranis fayyadamoo ni taasisa. Waraqaan eenyummaa kun lammiilee biyya alaafi godaantota biyyattii keessa jiraniif ni kennama.



Obbo Abeenezar Fallaqa

Waraqa Eenyummaa Faaydaa waanti adda taasisu inni biraan odeeffannoo inni waa'ee abbaa waraqa eenyummaa sanaa qabateedha. Kana jechuun teknooloojii baayomeetirii fayyadamuun eenyummaa bu'uraa nama tokkoo haala adda ta'een guutummaatti adda baasuu karaa danda'amuun galmeesse kaa'a. Namni dhuunfaa tokko Waraqa Eenyummaa Faaydaa fudhachuuf yeroo dhiyaatu akka durii odeeffannoo inni kennu qofarratti kan hundaa'uu miti. Inumaayyuu odeeffannoowwan teknooloojii fayyadamuun eenyummaa namichaa mirkaneessuuf gargaaran hedduu of keessatti qabata. Namni Waraqa Eenyummaa Faaydaa fudhachuuf yeroo dhuufu odeeffannoo kennuun alatti ashaaraa quba kudhanii, ijaafi fuulaa ni kenna.

Lakkoofsa Faaydaa kan jennu waraqa eenyummaa dijitaalaa yoo ta'u, teknooloojii fayyadamuudhaan odeeffannoo baayomeetiriiif dimograafii jiraattotaa safarame walitti qabuun sagantaa "Namni tokko nama tokko" jedhuun sirna odeeffannoo nama tokkoo haala adda ta'een adda baasuu danda'uudha. Lakkoofsi Faaydaa lakkoofsa eenyummaa addaa dijitiin kudha lama jiraattota ulaagaa Sagantaa Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa kaa'e guutaniif kennamuudha.

Waliigalatti Waraqaan Eenyummaa Faaydaa gosa waraqa eenyummaa bu'uraa yoo ta'u, namni tokko haala adda ta'een akka beekamu kan taasisuudha. Jiraattonni lakkoofsa Faaydaa (Waraqa Eenyummaa Dijitaalaa) qaban biyyattii keessatti eenyummaasaanii mirkaneessuun tajaajiloota kennaman akka argatan kan taasisuudha. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa mirgoota namoomaa bu'uraa mirkaneessuufi qaqqabummaa tajaajilaa fooyyessuuf gargaara. Kaayyoon Waraqaan Eenyummaa Faaydaa inni xumuraa tajaajiloota dhaabbileen dhuunfaafi mootummaa kennan qaqqabamaa taasisuudha.

**Bariisaa: Lammiileen Waraqa Eenyummaa Faaydaa argachuuf ulaagaalee maaliif guutu qabu?**

**Obbo Abeenezar:** Galmeen bilisaan yoo ta'u, aanaaleefi kutaalee Magaalaa Finfinnee akkasumas baankota hundatti adeemsifamaa jira. Tokkoon tokkoon namaa odeeffannoo seeraan adda isa baasu hunda dhiyeessuu danda'a. Kanaafis ragaaleen soddonii sadii ol Waraqa Eenyummaa Faaydaa galmeessuuf fayyadan adda bahaniiru. Namni ragaa tokkollee dhiyeessuu hindandeenye yoo jiraate, karaa namoota Waraqa Eenyummaa Faaydaa qabaniif dhiyaatee galmaa'uuf carraa qaba.

Namni tokko ragaalee barbaachisan kennee erga galmaa'ee booda koodii ykn lakkoofsa faaydaa dijitiin kudha lama qabu karaa mobaayilii harkasaa akka ga'u ta'a. Lakkoofsi ykn koodiin dijitiin kudha lama kun hanga namichi lubbuun jirutti kan inni ittiin beekamuufi kan hinjijjiiranneedha. Lakkoofsi kun akkuma waraqaawwan eenyummaa biroo dhaabbilee adda adda waliin siistamaan kan walitti hidhamu waan ta'eef, tokkoon tokkoon nama dhuunfaa karaa lakkoofsa

dijitiin kudha lama sana dhaabbilee mootummaas ta'e dhuunfaa irraa tajaajila barbaadu argachuu danda'a. Namoota waraqa eenyummaa maxxanfame barbaadaniif kaardii maxxanfamee kaardiin maxxanfamee akka isaan ga'u ta'aa jira.

Yeroo ammaa kana hojiin waraqa eenyummaa dijitaalaa (Faaydaa) dhaabbilee adda adda waliin walqabsiisuu hojjetamaa jira. Kanneen keessaa hojiwwan baankota waliin jalqabaman dursanii kaasuun ni danda'ama. Baankonni yeroo ammaa namoonni dabbara herrega baankii haaraa baafatan waraqa eenyummaa Faaydaa akka baafatan taasisaa jiru. Abbaan Taayitaa galiwwaniis aanaaleerraa kaasee Lakkoofsa Eenyummaa Kaffalaa Gibiraa "Lakkoofsa TIN" kennuuf waraqa eenyummaa dijitaalaa akka baafatan taasisaa jira. Waraqaan Eenyummaa Dijitaalaa kun baqattoota biyyoota adda adda irraa gara Itoophiyaatti deebi'aniif kennamaa jira.

**Bariisaa: Yeroo ammaa hojiirra oolmaafi qaqqabamummaan Waraqa Eenyummaa Faaydaa sadarkaa akkamiiratti argama?**

**Obbo Abeenezar:** Galmeessi Waraqa Eenyummaa Faaydaa (Dijitaalaa) guutummaa biyyattiitti kan eegalame ta'us bal'inaan hojiirra oolaa kan jiru Finfinneetti. Yeroo ammaa akka biyyaatti namoonni miliyoona 10 ta'an fayyadamtoota waraqa eenyummaa Faaydaa ta'aniiru. Waggoota sadii keessatti lammiileen miliyoona 90 ta'an waraqa eenyummaa kana akka argatan taasisuuf karoofamee hojjetamaa jira. Sagantaan Waraqa Eenyummaa Biyyaalessaa hojjetootasaa hunda hanga sadarkaa aanaafi gandaatti gad buusee karooficha milkeessuu waan hindandeenyeef dhaabbilee gara garaa kanneen akka baankotaafi Itiyoo Teelekoom waliin qindoominaan hojjechaa jira. Baankonni dameelee kuma saddeetii ol waan qabaniif waraqa eenyummaa Faaydaa qaqqabamaa taasisuu keessatti gahee olaanaa qabu.

Biiron Galiwwaniis galmeessa waraqa eenyummaa dijitaalaa kana raawwachaa kan jiru yoo ta'u, Ejensiin Tajaajila Galmeessa Siiviliifi Jiraattummaa sadarkaa federaalaa qofatti utuu hintaane naannoleettis akka galmeessaniif sochii taasisaa jira. Sochiin kun gara fuulduraatti damee sektaroota geejjibaa, fayyaafi kanneen biroo waliin cimee kan ittifuuf ta'a. Sektaroota kunneen waliin hojjechuun karoora waggaa sadii keessatti lammiilee miliyoona 90 fayyadamoo Waraqa Eenyummaa Faaydaa gochuu akka biyyaatti qabame milkeessuu keessatti gahee olaanaa qaba.

**Bariisaa: Waraqaan Eenyummaa Faaydaa waraqaalee eenyummaa biroorra faayidaa adda maaliif qaba?**

**Obbo Abeenezar:** Waraqaan Eenyummaa Faaydaa waraqaalee eenyummaa biroorra faayidaa adda qaba. Waraqaaleen eenyummaa dhimma qophaa'aniif qofaaf tajaajilu. Fakkeenyaaf Waraqaan Eenyummaa Konkolaachisummaa konkolaataa konkolaachisuuf qofa kan tajaajilu yoo ta'u, paaspoortiin ammoo biyya tokkoo gara biyya biraatti socho'uuf gargaara. Waraqaan eenyummaa hojii ammoo dhimmoota hojiin walqabatan raawwachuuf qofa gargaara. Kana jechuun waraqaaleen eenyummaa kunneen tajaajiloota hundagaleessa kennuu hindanda'an.

Waraqaan Eenyummaa Faaydaa garuu waraqaalee eenyummaa biroo walitti hidhuudhaan akka waraqa eenyummaa bu'uraa tokkootti fudhatamuu danda'a. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa dhaabbilee tajaajila kennan gara garaa waliin waan walitti hidhamuuf tajaajiloota hundagaleessa kennuu danda'a. Tokkoon

tokkoon dhaabbata tajaajila kennuufis saaphanni odeeffannoo giddugeessaafi nageenyisaa amansiise akka uumamu taasisa. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa gocha seeraan alummaa waraqa eenyummaa, eenyummaa gara garaa agarsiisuun raawwatamus ni dhabamsiisa.

Waraqaan Eenyummaa Faaydaa odeeffannoowwan dhaabbilee gara garaa akka wal dubbisan taasisuuf akkasumas qisaasama qabeenyaa hir'isuuf, odeeffannoo sobaafi yakkoota dhabamsiisuuf gargaara. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa namni tokko waraqa eenyummaa tokkoo ol ykn waraqa eenyummaa sobaa baafatee nama biraa ta'ee akka hindhiyaanne taasisuun yakka ittisu keessattis gahee olaanaa qaba. Waraqa eenyummaa kanaan namni kamiyyuu eenyummaa gara garaan dhiyaachu hindanda'u.

**Bariisaa: Deebii lammiileen Waraqa Eenyummaa Faaydaa kenna jiran maal fakkaata?**

**Obbo Abeenezar:** Akka waliigalaatti hawaasni Waraqa Eenyummaa Faaydaa kana fudhateera. Waraqaan eenyummaa kun jiraattota magaalaa qofa biratti utuu hintaane jiraattota baadiyyaafi baqattoota birattis fudhatamummaa argateera. Yeroo ammaa ummata Itoophiyaa keessaa %40 kan ta'u waraqa eenyummaa sirrii hinqabu. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa kun lammiileen hundi waraqa eenyummaa seera qabeessaafi haqa qabeessa akka qabaataniifi tajaajila hunda galeessa akka argatan taasisa. Bakkaa bakkatti garaa garummaa qabaatus hojiin Waraqa Eenyummaa Faaydaa kennuu guutummaa biyyattiitti hojiirra oolaa jira.

**Bariisaa: Waraqa Eenyummaa Faaydaa hojiirra oolchuun yakka ittisuufi dinagdee biyya guddisuu keessatti gahee akkamii qaba?**

**Obbo Abeenezar:** Hojiirra oolmaan Waraqa Eenyummaa Faaydaa keessumaa dinagdee biyya guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Waraqa Eenyummaa Faaydaa yakkoota waraqa eenyummaa lamaafi isaa ol ykn waraqa eenyummaa sobaa baafachuun raawwatamaa turanis ni hambisa. Waraqaan eenyummaa kun lammiileen biyyattii hindi tajaajiloota bu'uraa salphaatti akka argatan taasisa. Lammiileen biyyattii hedduun waraqa eenyummaa waan hinqabneef dabbara herrega baankii banachuu, siim kaardii baafachuufi tajaajiloota biroo argachuura fagaachuun sirna dinagdee idileetti utuu hinmakamiin jiru. Waraqaan Eenyummaa Faaydaa rakkoolee kunneen furuun lammiileen hundi tajaajiloota bu'uraa akka argataniifi dinagdee biyya guddisuu keessatti akka qooda fudhatan taasisuuf gargaara. Daddabarsa qarshii seeraan alaa to'achuufis ni gargaara.

Walumaagalatti namni Waraqa Eenyummaa Faaydaa qabu kutaalee biyyattii keessa bilisummaan socho'uufi tajaajiloota dhaabbileen mootummaafi dhuunfaa kennan haala si'ataa ta'een akka argatu waan taasisuuf lammiileen buufataalee naannawaasaanii waraqa eenyummaa kana galmeessan deemanii galmaa'uun waraqa eenyummaa kana argachuutu irraa eegama.

Waraqaan eenyummaa kun yakka namoonni waraqa eenyummaa lamaafi isaa ol baafachuun raawwatan ittisu keessattis gahee olaanaa qaba.

**Bariisaa: Turtii waliin taasifneef guddaa galatoomaa.**

**Obbo Abeenezar: Isinis carraa naaf kennitaniif galatoomaa.**



## “Dhaloota egereetiif biyya...

kan jiraatan yoo ta’u, Oromummaan keenya hammachuu jaalala obbolommaafi tokkummaa nu barsiiseera.

**Bariisaa: Oromoon Walloo irri jireessi amantii Islaamaa kan hordofan yoo ta’u, iddoo tokko tokkotti amantii biraallee deeggaranii waliin jiraatu kan jedhamu jira kun hammam dhugaadha?**

**Obbo Ahmad:** Aanaa Daawwaa Caffaa bakka Qey Afer jedhamutti maatiin hordoftoonni amantii Ortodoksii lakkoofsaan muraasa ta’uun walqabatee yeroo deeggarsi barbaachisutti dallaa bataskaanaa ijaaruu, bataskaana suphuun obbolommaafi waldanda’uun maal akka fakkaatu qabatamaan agarsiisaa jiru, kun fakkeenyummaan kan ka’udha.

Hordofaa amantii Islaamaa ta’anii kiristaanota waliinis dhaabatani bakka gargaarsi barbaachisutti aantummaafi obbolommaan manneen amantii

Kiristaanotaa deeggaruun jaalalaafi kabaja biroof qaban qabatamaan agarsiisuunsanii kan nama jajjabeessudha.

**Bariisaa: Dhumarratti ergaa yoo qabaattan?**

**Obbo Ahmad:** Keessumaa miidiyaan keenyas gola hambaalee seenaa Godina Saba Oromoo Walloo keessa jiru kana gadi baasani addunyaatti agarsiisuurratti ciminaan hojjechuu qabu. Deeggarsa ogummaa isin gama kanaan taasisaa jirtanis ittifufuu qaban jedha.

**Bariisaa: Aarsaa yeroo keessaniif gudda galatoomaa.**

**Obbo Ahmad:** Isinillee gola hambaalee seenaa Godinni Saba Oromoo Walloo keessa jiru gadi baastanii addunyaatti agarsiisuuf deeggarsa ogummaafi dirqama lammummaa nuuf taasistaniif ulfaadhaan jedha.

## Turiizimiin Oromiyaa sadarkaa daran fooyyaa’arra jira

**Saamraawit Girmaatiin**

**Finfinnee:** Oromiyaan qabeenya turiizimii hedduu qabaattus waggoota afur dura hangas mara kan hinbeekamne turus hojii dhaadhessaa bal’inaan hojjetameen amma sadarkaa daran fooyyaa’arra jiraachuu Komishiniin Turiizimii Oromiyaa (KTO) ibse.

Komishinari komishinichaa, Komishinar Lalisee Dhugaa gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa waliin tibbana taasisaniin, sababa qabeenyi turiizimii Oromiyaa sirritti beeksifamaa hinturreef namoonni bakkeewwan turiizimii naannichaa daaw’atan muraasa turuu kaasaniiru.

Keessumaa daaw’anaan lammiilee biyya keessaatiin taasifamu gadaanaa turuu kaasu. Hojii komishinichi hojjeten garuu turistoonni biyya keessaa dabaluu fi kanneen biyya alaas weerara Koviidii-19 asitti daran dabalaa jiraachuu himu. Waggaatti hanga turistoota biyya keessaa kuma 100tti lakkaa’aman bakkeewwan addaddaa daaw’achaa jiraachuus himaniiru.

Komishiniin Turiizimii Oromiyaas gaafa hundaa’e hojiinsaa inni duraa qabeenyawwan turiizimii naannichaa adda baasuu yoo ta’u, waggoota afran kana hojii dhaadhessaafi ‘markeetiingii’ bal’inaan hojjetamuu himanii, kunis hojii komishinicha qofaan raawwatame osoo hintaane dargaggoota daaw’achiisan, hoteelota, hojii biznasiwwan xixiqqaafi turiizimiidhaan walqabatu hojjetanillee dabalachuun kan raawwatame yoo ta’u, keessumaa hojiin dhaadhessaa miidiyaa hawaasummaarratti taasifame bu’aa olaanaa

fiduu ibsu.

“Duratti Oromiyaa kaartaa turiizimiiirraa argachuun rakkisaa ture. Turiizimiidhaaf koriidarii ture malee bakka qubannaa hinturre. Amma garuu namni bakkeewwan baay’een bakka hawwataa ta’aa jiraachuusaaniitiin Oromiyaa dhiisanii darbuun hindanda’amu. Inumaayyuu turiizimii biyyattii keessaa filannoo isa duraa ta’uurratti argama” jedhu.

Daandii Qilleensaa Itoophiyaa keessa waggaatti imaltoonni miliyoona 10 ta’an akka darban kan himan komishinariittiin, Finfinneefi naannawaanshee bakka qubannaa ta’uun hawwata turistii ta’uurratti akka argaman ibsu.

Hojii Oromiyaa beeksisuufi biyyoota ollaa waliinis hariiroo cimsuuf yaalii taasifameen biyyoota akka Keeniyaa, Ugaandaa, Jibuutii, Zanzibaariifi kanneen biroo turiizimii Oromiyaa daaw’achaa jiraachuu himanii, kanas Ayyaana Irreechaa ji’a Fulbaanaa keessa kabajamerratti ilaaluu akka danda’amu kaasu.

Dameen turiizimii bakka rakkoon nageenyaafi bu’uuraalee misoomaa hinjirretti guddachuun rakkisaa ta’uu himanii, aadaafi ilaalchi ummanni turiizimiif qabu akkasumas haalli kunuunsaafi ittifayyadama bakkeewwan turiizimiirratti mul’atu garuu hundaa ol qormaata ta’aa jiraachuu ibsaniiru. Kanas miidiyaa idileefi hawaasummaa fayyadamuun fooyyessuuf hojjetamaa jiraachuu dubbatu.

Egereen guddina dinagdee Itoophiyaas ta’e Oromiyaa turiizimii ta’uu ibsanii, kanaafis biyyattiin qabeenya turiizimii itti hinbu’amne waan qabduuf namni abshaala ta’ee fuulasaa garasitti akka naanneefatu hubachiisu.



## Qajeeltoo kennanii fudhachuun fedhii...

argachuu qabdi.

Kanaafis, Itoophiyaan biyya guddoofi kuufama guddaa qabdu ta'uu akka sababaatti kaasanii. Akkuma hidha laga Abbayyaa waliin dubbachuun furuun danda'ame dhimma ulaa galaanaarrattis irradeebi'uun badhaadhina hundaa hammataa mirkaneessuun nidanda'ama. Mootummaansaani misooma waloof wantota barbaachisan hundaa biyyoota hojjetan waliin miseensa ta'uudhaan aantummaa gartokkoo utuu hinqabaatiin fedhiin ulaa galaana Itoophiyaa galmaan ga'uuf akka hojjetus eeraniiru.

Walittidhufeenya hawaasaa biyyoota ollaafi amalli dippilomaasii Itoophiyaan qabdu qajeeltoo nagaafi kennanii fudhachuun dabaalamee fedhii ulaa galaana milkeessuun akka danda'amus hayyootni ni ibsu.

Xiinxalaan siyaasaa biyyoota giddugala bahaa Obbo Muusaa Shakkoo haasaa Ministira Muummee bu'uura godhachuun akka jedhanitti, qajeeltoo nagaafi kennanii fudhachuun amala dippilomaasii Itoophiyaa duraanii cimsuun fedhii biyyalessaa guutuuf gumaacha olaanaa qaba.

Gaafa dhimmi ulaa galaanaa ka'u biyyootni faallaa bu'aa Itoophiyaa jira akka waan Itoophiyaan gaaffii

ulaa galaanaa reef gaafateetti miidiyaan dhiyeessu. Garuu dhugaan jiru kana miti. Itoophiyaan ulaa galaana qabaachuudhaan waggoota dhibbootaan lakkoofsifteetti. Keessumaa ulaa galaana diimaa biyyoota idiladdunyaa bebbeekamoo waliin fayyadamaa turuu eeranii; jijjirama siyaasaa Itoophiyaa keessatti dhufeen ulaa galaanaa akka dhabdu ta'eera jedhu.

Ta'us Itoophiyaan biyya guddoofi baay'ina ummataa baay'ee qabdu ta'uu isheefi seerotni ulaa galaanaa idiladdunyaa akka argattu taasisa. Erga akka biyyaatti hundoofta asis biyyoota ollaa waliin rakkoo jiru karaa naga furuun muuxannoo bara dheeraa qabdi. Har'as taanaan karaa naga rakkoo jiru furuun ulaa galaanaa qofarratti utuu hintaane pirojektota guguddoo biroorratti dippilomaasii isheen beekamaa jirti.

Lammaffaan faayidaa biyyalessaa qajeeltoo kennanii fudhachuun qolachuun amala dippilomaasii Itoophiyaa ta'uu eeranii; haasaan Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad dhageessisanis amala dippilomaasii Itoophiyaan duraan qabdu kan cimsuudha jedhu.

Baay'ina ummataa miliyoona 120tti dhiyaatu qabaachuun walqabatee

ulaa galaanaa naannawa biyyoota Itoophiyaa jiran keessaa tokko qofa argachuu biyya tokko qofa waliin jiraachuun ga'aa miti. Biyyoota ollaa hunda waliin walittidhufeenyi barbaachisaa ta'uu eeranii; walitti dhufeenyi biyya tokko waliinis ta'e hunda waliin dhimmi ulaa galaanaa dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisuu waan ta'eef dhimma murteessaadha jedhu.

Kanaafis, waliigalteen Itoophiyaan Sumaalee Laandi waliin mallatteessite mul'istuu dippilomaasii Itoophiyaa daandii nagaan eegalameedha. Sumaalee Laandi akka biyyatti adda baateee erga dhaabatee waggoota 33 lakkoofsifteetti. Akka biyyaatti ittifufuuf Itoophiyaarraa beekamtii waan barbaadduuf Itoophiyaan mallatteessiteetti.

Mallattoon Itoophiyaafi Sumaalee Laandi gidduutti mallattaa'e qajeeltoo kennanii fudhachuun keessumaa dhaabbilee daldalaa gurguddoo dhibbantaa murtaa'ee kennuufi Sumaalee Laandiif beekamtii biyyummaa kennuun eda'amee naga kan bu'uureffateedha. Biyyoota ollaa Itoophiyaa biroo waliinis haaluma kanaan ittifufuun carraa ulaa galaanaa argachuu Itoophiyaa bal'isa.

Adeemsa kana keessatii qajeeltoo

“Kennanii fudhachuu” ija siyaasan gama lamaaniin karaa nagaatiin waliigalanii raawwachuudha. Dhimmi nageenyaa ulaa galaanaa qofaaf osoo hintaane waantota hunda faana waan walqabatuuf nageenyaafi aadaan kennanii fudhachuu biyyoota gidduutti cimsuun fedhii biyyalessaa milkeessa.

Yunivarsitii Dirree Dhawaatti hayyuu Seerafi Misooma Nageenyaa Dokrat Roobaa Pheexiroosis dhimmi ulaa galaanaa Itoophiyaafi dhimma siyaasaa utuu hintaane dhimma hawaasumaati. Itoophiyaan biyyoota Afrikaa keessaa biyya qabeenyaafi baay'ina ummataa guddaa qabaachuudhaan aadaafi amantaan biyyoota ollaa waliin walkeessa faca'anii waan jiraataniif rakoon Itoophiyaa biyyoota ollaa waan hanqatu miti.

Lageen daangaa Itoophiyaa qaxxaamuranii biyyoota ollaatti yaa'an hordofee walitti dhufeenyi Itoophiyaan biyyoota ollaa ishee waliin qabdu uumamaan kan walitti hidhameedha. Kanaaf, qajeeltoon nagaafi “kennanii fudhachuu” Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad ibsan kanuma waan ta'eef cimsuun fedhii ulaa galaanaa milkeessuuf shoora olaana qaba. Walittidhufeenya biyyoota ollaa jabeessuun nageenya mirkaneessa jedhu.

## Ji'oota sadan darbanitti namooti...

Ministeera Fayyaatti hogganaan sabqunnamtiifi kominikeeshinii fayyaa Doktor Taganee Raggaasaa ibsa dheengadda Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, ji'oota sadan darbanitti namoota dhibee busaatiin shakkamanii sakatta'iinsi taasifame miliyoona 6.6 keessaa namootni miliyoona 2.9 dhibichaan qabamaniiru. Yeroo ammaa baay'eensaani tajaajila wal'aansaa argatanii fayyaa jiru. Kaan ammoo yaalamaa jiru.

Akka ibsasaaniitti, dhibeen busaa waggaatti ganni ba'ee yeroo roobni addaan citu (Fulbaanaa-Muddee)fi tibba arfaasaa (Ebla, Caamsaafi Waxabajjii) dabalatee bakkawwan tokkotti kuufamuu bishaaniin walqabatee yeroo ittibabal'atuudha. Akka ragaan mul'isutti hanga ji'a Muddeetti akka dabalutu eegama.

Haala qabatamaa amma jiruun ji'oota sadan darbanitti akka guutummaa biyyaatti keessumaa aanaalee 222 bal'inaan ittimul'atetti hojii bal'aan hojjetamaa jira. Bal'ina lafaafi haala qilleensa biyyi keenya qabdu keessaa %75 walhormaata dhibee busaaf mijaawaa ta'e qabaachuu himanii; kana keessaa lakkoofsi ummataa %69 bakka tatamsa'ina dhibee busaaf mijataa ta'e kana keessa jiraatu jedhan.

Dhibeen busaa yeroo omishni sassaabamutti waan babal'ataa deemuuf dhiibbaa akka hinqaqabsiifneef mootummaan qaamolee deegarsa

kennaniifi dhimmichi ilaallatu waliin ta'uudhaan tajaajila waldhaansaafi ittisa dhibicharratti xiyyeeffannaan hojjetaa jira jedhan.

Ji'oottan sadan darbanitti dhiyeessii qoricha waldhaansa dhibee busaatiif oolu qarshii miliyoona 8.6 ol ta'u akkasumas kiitii sakkatta'iinsaa qarshii miliyoona 6.5 olitti shallagamu dhiyeessuun danda'ameera. Ittisa dhibee kanaafis, iddoo bishaan ciise naannoon mana jireenyaa akka qulqullaa'u, namni mallattoon dhibee busaa irratti mul'ate dafee gara mana yaalaa akka demu, saaphana siree faayidaa biraaf oolchuu dhiisuun sirriitti akka fayyadamanii hojiin hubannoo uumuu hojjetamaa jira. Bara 2015 irraa eegalee saaphanni siree miliyoona 20 raabsamuus himanii; ji'oota sadan darbanitti saaphanni siree miliyoona 2.2 raabsameera. Manneen miliyoona 1.9tti keemikaalli farra bookee busaa biifameera jedhan.

Dhibee busaa to'achuuf qorichi dhibee busaafi raabsame bakka hinmalletti kuufamee argamuufi hawaasi saaphana siree faayidaa biraaf oolfachuun dhibee busaa ittisuuf akka rakkootti kaasanii. Daddarbiinsa dhibee busaaf sababni kuufama bishaanii waan ta'eef hawaasii ijaaramawwan adda addaatiin naannawasaa qulqulleessuufi saaphana siree sirnaan fayyadamuu, nama mallattoon dhibee busaa irratti mul'ate hatattamaan gara mana yaalaa akka demu taasisuu barbaachisaa ta'uu dhaamaniiru.

## Addunyaan fuulasaa gaarummaa ...

sakatta'uun kallattii sirriin hojiirra oolchuu eegaluu akka ta'e eeranii; ammaan tana sirna caasaa gandaa diriireen ogeessiifi hoggansi sadarkaan jiru motora guddinaa kan ta'e baadiyyaatti gad bu'ee hojjechuun jijjiirama mul'achaa jiruuf bu'uura jabaa ta'uu ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, hojiifi hojjetan walitti dhufuu cinatti aadaan hojii guddataa jira. Kunis ministira muummichaa irraa eegalee hojjetanii hojjechiisuun haala biyya kanatti kanaan dura hinbaratamneen raawwatamaa jira. Kun ammoo aadaa hojii gabbisuu, omishtummaa dabaluufi rakkoo bulchiinsa gaarii itti dhiyeenyaan furuu keessatti bu'aa olaanaa argamsiisaa jira.

Haa ta'u malee, jijjiirama eegalame saffisaan tarkaanfachiisuuf sochiin duudhaa ganamaatti deebi'uu daran murteessaadha. Biyya keessaa alaa hirmaannaa abbootii qabeenyaa, beektotaafi namoota bebbeekamoo cimsuun barbaachisaadha.

Miseensi Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataafi Walittiqabaan Koree Michummaa Itoophiyaafi Gamtaa Awurooppaa Ambaasaaddar Diinaa Muftii gamasaaniin akka jedhanitti, waltajjii idiladdunyaan walqabatee yaa'iinsi tuuristootaa, walitti hidhamsiisaa gabaa, ce'umsi teknolajii, abbootii qabeenyaafi dhaabbilee gargaarsaa daran akka dabalaa taasisa.

Maqballeessi akkasumas dhiibbaan ijaarsa Hidhaa Laga Abbayyaafi waraana biyyattii gara kaabaatti taasifameen walqabatee Itoophiyaarratti taasifamaa ture ammaan tana hir'achaa jiraachuu himanii; kunis rakkoo ture karaa nagaatiin furuu danda'uufi miira ni danda'amaatiin ijaarsa hidhichaa gara xumuraatti fiduun hir'achuu dhiibbaa tureetiif ka'umsa ta'uu ibsaniiru.

Ciniinnattee biyya qormaatawwan ulfaato hedduu keessa hulluuqxee as geesse, Itoophiyaa kana booda qormaati kamuu boodatti hindeebisu jedhanii; fedhii biyyalessaashee bu'uura godhachuun biyya kamuu waliin hojjechuu imala dippilomaasii bilchaataa guddinashee milkeessu hordofuun dhiibbaa kamuu qolachuu ishee dandeessisa jechuun ibsaniiru.

Dhaabbileen idiladdunyaa garagaraa wayita waltajjiwwanirratti hirmaachuuf gara Itoophiyaa dhufan gama tokkoon Itoophiyaan daandii misoomaarra jiraachuu akka hubataniifi gama kaaniin ammoo tumsa akka taasisaniif hojiilee misoomaa daaw'achiisuun murteessaa ta'uu eeraniiru.

Walumaagalatti, hayyootni kunneen addunyaan Itoophiyaan daandii misoomaafi guddinaarra jiraachuu hubatee fuulasaa gara biyyattiitti deebisaa jiraachuun gama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaan shoora olaanaa qabaachuu ibsaniiru.





# BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin



## “Fiigichi olaanaa Itoophiyaa fiigicha olaanaa addunyaa ta’uuf jira”

- Kumaalaa Atileet Hayilee Gabrasillaasee

### Tashoomaa Qadiidaatiin

Fiigichi olaanaa (The Great Run) magaalota Ameerikaatti jalqabamus biyyoota Awuroppaa, Eeshiyaafi Ameerikaa Kibbaatti adeemsifamuu edda jalqabee oolee buleera. Waggoota muraasaa as ammoo Afrikaatti jalqabameera.

Fiigichi kun biyyoota Awuroppaa keessumattuu Ingilaand, Jarman, Xaaliyaanii, Eeshiyaatti ammoo Chaayinaafi Jaappaan, Ameerikaa Kibbaatti Biraazil, Arjentiinaafi Chiiliitti waggaa waggadhaan akka adeemsifamu ragaaleen ni eeru. Afrikaattis waggoota muraasaa as biyya teenya Itoophiyaatti bara 1993 irraa kaasee adeemsifamaa jira.

Fiigicha olaanaa Itoophiyaa kana abbummaadhaan kan hundeesseefi gaggeessaa jiru gooticha olompikii, Mootii dorgommii tiraakii addunyaa Kumaalaa Atileet Hayilee Gabrasillaasee sagantaa baranaa ilaalchisuudhaan dheengadda Gaazeexaa Bariisaatiif akka ibsetti, fiigicha baranaa kanarratti atileetota beekamoo dabalatee namoonni kuma 50 kornaaya lameeniinuu ni hirmaatu jedheera.

Hirmaattoonnis saalaafi umriin, daangaafi sanyummaan, akkasumas amantaafi bifaan utuu addaan hinqodamiin waan irratti hirmaataniif ispoortiichi jaalatamaafi hirmaattota hedduus horachuu danda’eera jedhu.



Kaayyoon fiigicha kana ummanni dhukkuboota adda addaatiin dararamaa jiru sochii qaamaa akka taasisuufi kana maddiitti ispoortii atileetiksii dargaggootaafi qaamolee sochii kanarratti hirmaatan biratti fudhatama argachuudhaan akka hordofamu taasisuuf kan akeke ta’uu kaasa.

Ardii Afrikaa keessatti guddaa kan ta’e fiigichi olaanaa Itoophiyaa “The Great Ethiopian Run” biyya teenyatti yeroo 24ffaaf boru magaalaa Finfinneetti adeemsifama.

Baay’inni hirmaattotaa waggadhaa gara waggadhaa dabalamaa jira kan jedhu Atileet Hayileen kan baranaa kun yoomiyyuu caalaa hirmaattota kuma 50 ol akka keessummeessu ibseera.

Fiigicha baranaa kanarraatti biyyoota 21 irraa atileetonni 300 ol ta’an ni hirmaatu kan jedhu Atileet Hayileen, kilabootaafi dhunfaadhaan atileetonni beekamoo biyya keessaa 500 ta’an qooda fudhatu jedheera.

Dorgommii kanarratti atileetota mo’ataniifi badhaasni qarshii miliyoona lfi kuma 300 qophaa’uus Atileet Hayileen ibsee, korniyaa lameeniinuu tokkoffaa bahuudhaan kan mo’atan tokkoon tokkoosaaniif badhaasni qarshiiin kuma 250 akka arjoomamus kaaseera.

Fiigichi olaanaa Itoophiyaa kun jalqabamee waggaa waggadhaan atileetonni addunyaarratti beekaman kanneen akka Pool-Tergaa, Haashim Elgureez, Paawulaa Raadi’kiliif, Gabreelaa Zaaboo, Viiviyaaan Chewreet, Iliinaa Meeriifi Pirezedaantiin Waldaa federeeshina atileetiksii Addunyaa duri Laamiindiyaakiifi kkf dorgommicharratti argamuun jalqabsiisu.

Kan baranaa kana ammoo atileetii beekamtuu Keeniyaa tan maraatonii Chikaagoo barana adeemsifamerratti sa’aati 2:09.56n mo’achuudhaan rikardii addnyaa harkatti galfatte Ruutti Cheepingeechi dorgommicharratti argamuudhaan akka jalqabsiistu Kumalaa Haayileen ibseera.

Fiigicha olaanaa baranaa kana kanneen kanaan dura adeemsifamaniin adda kan taasisu waggaa 50ffaa Lafeen Luusii biyya keenya naannoo

Affaaritti argamte waliin wal simachusaa akka ta’es himeera.

Ka’umsiifi deebiin isaa addababa’ii Masqalaa kan ta’e fiigichi olaanaa Itoophiyaa kun kiiloo meetira kudhan akka uwwisus Atileet Hayileen dubbateera.

Hirmaattota kanneen keessaa Ambaasaaddaroonniifi hojjeetoonni imbaasota adda addaa, Qonsilaafi hojjeetoonni dhaabbilee biyyoolessaafi teessoon isaanii magaalaa finfinnee ta’an Kominiitiwwan adda addaafi jiraattonni naannoo finfinneefi godinaaleen hirmaachuuf galmaa’usaaniis kumaalaa Hayileen yaadachiiseera.

Fiigichi olaanaa Itoophiyaa kun dorgommii maddiitti damee indastiriiif tuurizmii biyya kenya beeksisuun galii sharafa alaa akka argamsiisu ibseera.

Addunyaarratti fiigichi olaanaa guddaan kan Ameerikaatti adeemsifamu yoo ta’u ummanni kuma 60 ni hirmaatu. Kan Itoophiyaa kun ammoo yeroodhaa gara yerootti fedhiin hirmaattotaa dabalaa waan dhufeeff isaa ol ta’a jedhamee eegama.

Qophii fiigicha guddaa alanaaf taasifamaa jiru olanaa ta’uu kan kaase Kumaalaa Atileet Hayileen fiigichi olaanaa Itoophiyaa yeroo gabaabaa keessatti fiigicha olaanaa tokkoffaa addunyaa ta’uuf akka jirus yaadachiiseera.

## Waalayaan har’a Koongoo Kinshaasaa wajjin taphata

**Finfinnee:** Waaggoota 67 kan lakkoofsise waancaan Konfedereeshina kubbaa miilaa Afrikaa ALA bara 2025 yeroo 35ffaaf Morookoo, magaalota adda addaatti adeemsifama jedhamee eegama.

Wal morkii kanaaf biyyoonni Afrikaa 48 ramaddii 12tti qoodamuudhaan tapha gulaallii ramaddisaanii biyyoota adda adda waliin taasifachaa jiru.

Ramaddii saddeettaffaa keessatti kan argamu Waaliyaanis tapha gulaalaa shanaaffaa kanaaf dheengadda Koongoo Kinshaasaa seenuudhaan har’a taphata jedhameera. Tapha itti aanu ammoo sadaasa 14 bara 2024 akka taasifatu sagantaan Konfedereeshina kubbaa miilaa Afrikaa ni mul’isa.


Ramaddii kana keessatti kan argamtu

Koongoo Kinshaasaan taphawwan arfan taasifatte hundattuu mo’achuudhaan qabxii 12n waancaa Afrikaaf darbunshaa beekameera.

Giiniin qabxii jahaan lammaffaa, Taanzaaniyaan qabxii afuriin sadaffaa, Waaliyaan ammoo qabxii malee sadarkaa dhumaarratti argamti.

Waalayaan taphawwan arfan kanaan dura adeemsifattetti galicha takka qofa kiyyoo keessa buusus galchoonni sagal itti galaniiru. Carraan inni ramaddii kanarraa lammaffaa ta’ee darbuuf qabu taphawwan hafanitti mo’achu qofa yoo ta’u Giiniifi Taanzaaniyaan ammoo taphawwan isaan hafan marattuu yoo mo’amanidha.

Kana ta’uu baannaan Waaliyaan yeroomaan waancaa ala ta’a.



Waancaa kubbaa miilaa Afrikaa kanaaf biyyoonni 24 kan hirmaatan yoo ta’u hanga ammaatti Aljeeriyaan, Misir Angoolaan,

Senegaal, Burkiinaa Faasoo, Kaameeruun, Kootdivaar, Ikuwaatoriyaaal Giiniifi Koongoon darbuusaanii mirkaneeffataniiru.